

# **WANGEELA KRISTOOS**

J.C. Choate

WORLD EVANGELISM PUBLICATIONS  
Winona, MS

© Copyright, World Evangelism Publications

This printing - 5,000 copies - 2023 – **Oromoo**

**InDesign Layout:** Shane Fisher

**Translated by:** Belay Kebede Areri

**WhatsApp number:** 0913611000

**Email:** ddcoc321@yahoo.co.uk

**Websites:**

[www.worldangelismlibrary.org](http://www.worldangelismlibrary.org)

[www.gospelgazette.com](http://www.gospelgazette.com)

[www.worldangelism.org](http://www.worldangelism.org)

[www.worldangelismmedia.com](http://www.worldangelismmedia.com)

Macaafa Kana Kaffaltii malee kan Argattan.

Waldaa Kristoos Dirree Dawa, Lakkoofsa saanduqa Poostaa 1376,  
lakkoofsa bilbilaa 0913611000.

**YAADACHIISA BARBAACHISAA:-** Macaafni kun Qabeenya Waldaa Kristoosi, Macaafni kun Dhuma Barumsaa irratti Gaaffii fi Deebii qaba. **HADARAA MACAAFA IRRATTI HIN HOJJETINAA:-** Deebisaa gaaffii keessanii Waraqaa adii mataa Keessanii irratti guutaatii macaafichaa wajjin Teessoo armaan Olee irratti jechuunis Belay Kebede. Lakkoofsa sanduqa poostaa 1376 Dirree Dawaa, lakk. Bilbilaa 0913611000 email. ddcoc321@yahoo.co.uk irratti erguu dandeessu. Yeroo ergitan Maaaa keessan, lakkoofsa bilbila keessanii fi magaalaa keessa jirtan barreessuu hin dagatinaa.

**Note:** Deebisaa isaa Waraqaa Adii irratti honjedhaa yeroo xumurtan Macaafaicha Nuuf deebisaa. Eebbifamaa.

**BARUMSA TOKKO (HIIKKAA WALDAA)**

**Printed by:**

World Evangelism Publications

Winona, MS 38967

## QABEENTOTA

|                          |                                            |    |
|--------------------------|--------------------------------------------|----|
| Barumsa Tokko.....       | Wangeela Kristoos.....                     | 4  |
| Barumsa Lama.....        | Dhugaa Wangeelaa.....                      | 8  |
| Barumsa Sadi.....        | Waamicha Wangeelaa.....                    | 11 |
| Barumsa Afur.....        | Wangeelaaf Abboomamuu.....                 | 15 |
| Barumsa Shan.....        | Wangeela Dhaga`uu.....                     | 18 |
| Barumsa Jaha.....        | Waaqayyotti Amanuu.....                    | 22 |
| Barumsa Torba.....       | Cubbuu Irraa Yaada Garaa Geeddarachuu..... | 26 |
| Barumsa Saddeet.....     | Kristoosiin Dhugaa Ba`uu.....              | 30 |
| Barumsa Sagal.....       | Cuuphaa Dhiifama Cubbuu.....               | 33 |
| Barumsa Kudhan.....      | Eebba Wangeelaa.....                       | 38 |
| Barumsa Kudha Tokko..... | Wangeela Lallabuu.....                     | 42 |
| Barumsa Kudha Lama.....  | Wangeela Biroo Lallabuu.....               | 46 |
| Barumsa Kudha Sadii..... | Wangeela Gufachiisuu.....                  | 50 |

## **BARUMSA TOKKO WANGEELA KRISTOOS**

Waa`ee Wangeela Kristoos Yeroo Baayy`ee Kakuu Haaraa keessatti dubbifneerra, namoonnis yeroo waa`ee isaa dubbatan dhageenyeerra, nutis karaa baayy`eetiin ofii keenyaa ilaalleerra. Garuu wangeella maali? Wangeelli Kristoos Maali? Deebisaa kana argachuuf gara Caaffata qulqullaa`oo dhaqna. Phaauloos akkas jedha, “Kanattis Warra Yiudootaa fi warra Yiudoota hin taane gidduu garaagarmmaan hin jiru, innoo gooftaa nama hundumaati warra isa waammatan hundumaafis badhaadhummaa isaa irraa in kenna, caaffanni qulqullaa`aan, “Namni maqaa gooftaa waammatu hundinuu in oola” in jedha, Namoonni immoo, nama itti hin amanne attamitti waammatu ree? Attamittis nama waa`ee isaa dhagaa`anii hin beeknett amanu ree? Namni utuu isaanitti hin lallabin attamitti waa`ee isaa dhaga`u ree? Namoonni yoo ergaman malee, attamitti lallabu ree? Warri oduu gaarii fidanii dhufan maal maal nama gammachiisu!” kan jedhu illee Caafameera” (Roomaa 10:11-15). Egaa bu`uuruma kanaatiin, jechi Wangeela jedhu Oduu gaarii, oduu gammachiisaa fayyinaa, dhugaa, Sagalee (dubbii) Waaqayyo, Kakuu fi Abdii dha. Oduuwwan kaan hundumaa irraa adda kan ta`eef oduu gammachiisaa Kristoos kan ilaallatu ta`uu isaati.

Oduu gaariin kun kan irratti hundaa`e, du`uu Awwaalamuu fi du`aa ka`uu Ye-suus Kristoos irratti. Phaauloos warra Qoroontoosiin akkas jedha, “Ammas yaa Ob-boloota ko! Wangeela isa Ani isinitti lallabe, isa isin fudhattan, isa isin itti cimtanii dhaabbattanii jirtan isin nan barsiisa. Sababni amantaniif utuu hin beekin fudhattan yoo ta`e malee, akkuma ani isinitti lallabetti yoo eeggattan Wangeelichumaan in fayy-itu. Hundumaa caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera, inn-is caaffanni qulqullaa`oon akka jedhanitti, Kristoos cubbuu keenyaaf du`eera, Inni awwaalameera, Caaffanni qulqullaa`oon akka jedhanitti guyyaa sadaffaattis du`aa kaafameera” jedhe (1 Qoroontoos 15:1-4). Garuu kun akkamitti oduu gaarii ta`a? sababni isaa du`a isaa awwaalamuu isaa fi du`aa ka`uu Kristoos keessaan namni fayyee Abdii jireenya bara baraa argata. Phaauloos dabalee akkas jedha, “Ani Wangeelatti hin yeella`u, inni human Waaqayyoo isa warra amantii qaban hundumaa, duraan dursee warra Yihudootaa akkasumas warra Griikotaa fayyisuu dha. Qajeelummaan Waaqayyoo namaaf kennu amantii irra in dhaabbata gara amantiittis nama in geggeessa. Kunis Wangeela keessatti in mul`ata, Akkuma caafamee jiru immoo “Namni amantiidhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta`e jireenya dhugaa in jiraata” jedha (Roomaa 1:16-17).

Jireenya keenya guyyaa guyyaatti oduu gaariin maal akka ta`e in beekna. Yoo waan tokkoon eebbifamne, in gammanna gammachuu keenyas namootaaf himna. Kun egaa waan umamaan ta`ee dha. Akkasuma oduu gaariin fayyinaa kan dhufe

karaa Kristoosi. Yoo Gooftaadhaaf abboomamnee fi baayyina Ayyaana isaatiitiin yoo fayyne, nuyi Oduu gaarii kana biyya lafaatiif qooduu qabna, kanaaf egaa kan Kristoos dubbateef “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa uumama hundumaafis Wangeela lallabaa, Namni amane namni Cuuphames in fayya, namni hin amanne garuu itti faradama” (Maarqoos 16:15-16).

Caaffanni qulqullaa`oon waa`ee Wangeela Waaqayyoo in dubbata, akkasitti dubbifna, “Ani Phaauloos hojjetaan Yesuus Kristoos ergamaa ta`uudhaaf waamamee, wangeela Waaqayyoos lallabuudhaaf addaan kanan baafame kan caafuu koo ti. Wangeelli kunis isa Waaqayyo duraan dursee karaa raajota isaatii caaaffata qulqullaa`aa keessatti abdachiisee dha. Inni waa`ee ilma isaa isa akka fooniitti sanyii Daawit keessaa dhalatee dubbate. Akka qulqullummaa isaa isa hafuuraatti immoo, warra du`an keessaa ka`uudhaan Yesuus Kristoos gooftaan keenya ilma Waaqayyoo ta`uun isaa humnaan beeksifameera. Ulfina maqaa isaatiif saba lafa irraa hundumaa gara amantiitti, gara Abboomamuuttis geessuudhaaf ayyaanni ergamoota ta`uu, isumaan nuuf kennameera, kunis immoo warra kan Yesuus Kristoos ta`uudhaaf waamaman sana keessa jirtu. Ammas isin warra Roomaa jiraattan , warra Waaqayyo jaallatee isaaf akka qulqullooftaniif isin waame hundumaan “Waaqayyo abbaan keenya, gooftaan keenya Yesuus Kristoosis ayyaana, nagaas isiniif haa kennu” jedheetan naga koo isiniif dhiheessa” (Roomaa 1:1-7). Miiruma Kanaan Phaauloos dabalee akkas jedha, “Haa ta`u iyyuu malee, hojiin wangeela ayyaana Waaqayyoof dhugaa ba`uu, gooftaa Yesuus biraa anatti kennameera, Ani immoo ergaa koo fi hojii koo kana raawwachuu duwwaa nan barbaada, kana irraa kan hafe jirrenya koo akka waan gatii anaaf qabuutti hin lakkaa`u” jedha. (Hojii Ergamootaa 20:24). Dubbifamni kun kan agarsiisu tokkummaa Waaqayyoo fi Kristoosin gidduu jiruu dha. Kristoosiin kan erge Waaqayyoo dha. Kunis wangeela biyya lafaatti akka fiduuf, kanaaf iyyuu ijoon isaa Wangeela Waaqayyo ykn Wangeela Kristoos ta`uu isaati.

Itti dabalees Wangeela ulfinaa ta`uu isaa dubbata, “Barsiifne Sirriin kun immoo wangeela isa waa`ee ulfina Waaqayyoo eebbifammaa dubbatuu dha, inni akkan isa lallabuuf hadaraa anatti kennameera” jedha. (1 Ximotewos 1:11). Ammas akkas jedha. “Wangeelli nuyi lallabnu yoo haguugame immoo, warra karaa badiisaa irra jiran duwwaadhaaf haguugame, inni hamaan Waaqayyicha bara si`anaa kana ta`e, yaada warra hin amanin Sanaa jaamseera, inni ifa ulfina Kristoos isa fakkaattii Waaqayyoo wangeela keessaa ibsu sana akka hin argineef isaan dhowweera” (2 Qoroontoos 4:3,4)., Wangeelli ulfina qabeessa, jechuunis kan bantii Waaqaa, jiraataa bara kkf, sababni isaa inni Waaqayyoo fi Kristoos biraa waan ta`ee fi.

Maateos, Maarqos, Luuqaasii fi Yohaannis keessatti yeroo baayyee “Wangeela Mootummaa Waaqayyoo” jedhamee ibsame. “Yesuus Mandaroota hundumaa

fi gandeen keessa naanna`ee maneen sagada isaanii keessatti barsiisaa, wangeela Mootummaa Waaqayyoo himaa, dhukkubaa fi dhibee nundumaattiis fayyisaa ture” (Maatewos 9:35, Maatewos 4:23). “Yohaannis cuuphaan mana hidhaatti, dabarfamee erga kennamee booddee, Yesuus kutaa Galiilaa dhufee, wangeela Waaqayyoo lallabe. Barichi raawwatameera, mootummaan Waaqayyoos dhi`aateera yaada garaa geeddaradhaa, wangeelatti Amanaa” jedhe (Maarqos 1:14-15). Yeroo kana keessatti , Kristoosii fi warri kaanis, oduu gaarii mootummaa dhufuu lallabaa turan, karaa biraa yeroo sanatti Mootummaan Waaqayyoo hin dhufne turte, garuu yeroo dhioo booda hundeeffamte., booda irra wangeelli lallabamee, Du`uun, awwaalamuunii fi du`aa ka`uun gooftaa lallabamee warri lallaba kanaa fi abboommii kana dhaga`an fayanii Waldaa gooftaa ykn mootummaa Waaqayyootti dabalaman. (Hojii Ergamootaa 2).

Achii booda Wangeela Fayyinaa kan jedhu dubbifna, Kristiyaanota Warra Efeesoonitti yeroo dubbatu Phaauloos Akkas jedha, “Isinis immoo ergaa dhugaa wangeela Fayyina keessanii karaa isaa dhageessan, isin Warri dhageessanii itti amantan hafuura qulqulluu isa abdachiifameen mallatteefamtaniittu” (Efeesoon 1:13)., Inni wangeela isa fayyina fiduu dha, yeroo tokko tokko Wangeela akeeka fayyinaa jennee dubbanna, kana jechuunis akeeka Gooftaa ykn karaa fayyina namootaa jechuu ta`a.

Itti aa`anee Wangeela nagaati. Yeroo gara ergaa Warra Roomaatti deebinu, “..Warri oduu gaarii fidanii dhufan maal maal nama gammachiisu” kan jedhu illee caafameera” (Roomaa 10:15)., iiti dabalees warra Efeesooniin akkas jedha, “Egaa akka nama Sabbataan hidhatuutti dhugaadhaan mudhii keessan jabeeffadhaa, qajeelummaa akka madda sibiilaatti uffadhaatii dhaabadhaa, aka nama kophee kaa`a teettis wangeela nagaa fudhattanii, isa lallabuudhaaf qophaa`aa, kana hundumaa irrattis amantii akka gaachanaatti fudhadhaa ! isaan Xiyya isa hamaa Sanaa warra boba`aa adeeman dhaamsuu in dandeessu” (Efeesoon 6:14-16). Wangeelli Nagaa fida, nagaa sammuu, nagaa lubbuu, nagaa namoota nu wajjin jiraniif, Kristoos nama Nagaati, wangeelli isaas nagaa isaa kenna, innis nagaa Waaqayyoo biraa ta`e. dhugumatti isa kana Oduu gaarii jechuun.

Goolaba irratti Wangeela Abdii isa jedhu dhageenya. “Isin dur hamaa Yaaduu keessaniin, hojjechuu keessaniin orma, diina Waaqayyoo taatanii turtan. Amma garuu Waaqayyo du`a namummaa ilma isaatiin isin araarsee, warra isaaf qulqullaa`an, warra mudaa hin qabne warra balleessaa hin qabnes godhee of dura isin dhaabbachiiseera, haa ta`u iyyuu malee, amantii keessatti hafuun, hundee keessan irratti jabaattanii dhaabbachuun abdii isa karaa Wangeelaa dhageessan irraa socho`uu dhiisuun isin irra jira, wangeelichi waaqa jalaa uumama hundumaatti lallabamee jira ani Phaauloosis hojjetaa isaa ta`eera” (Qolosaayis 1:21-23). Egaa bu`aan Wangeelaaf abboomamuu abdii jireenyaa bara baraa akka qabaatan godha. Kana egaa Barrees-

saan kun kan jedhu. Abdiin kara kam illee hin jiru, Wangeelaan malee.

Yeroo dhaa yerootti Phaauloos “Wangeela koo” ykn “Wangeela nuyii” jedha. Maal jechuu dha? Kana jechuun gabaabadhumatti wangeela innii fi Warri kaanis fudhatanii fi wangeela gooftaan akka lallabaniif itti kennameedha. Kana kabajuun akkas jedha “Wangeelli nuyi isiniif lallabne humnaan hafuura qulqulluudhaan akkasumas amansiisa guutuudhaan malee sagalee duwwaadhaan gara keessan hin dhufne, nuyi immoo sababii keessaniif namoota attamii taanee akka isin gidduu turre in beektu” (1 Tasalonqee 1:5)., akkuma kanaat Roomaa 1:16, irratti, Wangeelli human guutuu kan qabu namoota warra isatti amananii abboomaman fayyisa, jedha.

Kun egaa Wangeela caaffata qulqullaa`oo keessatti caafamanii dha., inni salphaa fi human qabeessa. inni qoroominni isaa umuriin isaa kan hin dabarre akka Kristoosi., inni wangeeluma tokko kan hundumaaf lallabamu, inni kan Kristoosi, kan Waaqayyooti, inni ulfina qabeessa. Inni in eebbisa, , inni fedhii namaaf kakaasaa dha., inni itti gaafatamaa kenna, inni dhuunfaadhaafis, hundumaafisi, kun egaa dhumatti Oduu gaarii dha.

### **GAAFFILEE**

1. Roomaa 10:11-15, dubbisi
2. Wangeelli maal akka ta`e ibsi
3. Wangeelli maal irratti hundaa`e?
4. Du`uun Awwaalamuu fi du`aa ka`uun Kristoos akkamitti oduu gaarii ta`a?
5. Roomaa 1:16,17 barreessi.
6. Biyya lafaaa keessatti wangeelaaf deebisaa kan kenninu akkamitti?
7. Kristoos Maarqoos 16:15,16 irratti maal barsiise?
8. Wangeelli kan Waaqayyoo ta`uu isaa miira akkamiitiin dubbanna?
9. Wangeelli ulfina qabeessa ta`uu isaa ibsi.
10. “Wangeela mootummaa Waaqayyo” isa jedhu mari`adhu.
11. Mee luqqisa kana deggaru amma tokko kenni.
12. Yoomi kan wangeelli yeroo duraatiif lallabame?
13. Fayyina maaltu fida? Akkamitti?
14. Karaa kamiin wangeelli nagaa fida?
15. Abdiin keenya maal irra?
16. Phaauloos maaliif “Wangeela ko” “Wangeela nuyii” jedha?
17. Human hangam qaba?
18. Wangeela meeqatu jira?

## **BARUMSA LAMA DHUGAA WANGEELAA**

Caaffanni qulqullaa`oon sirriitti kan barsiisu, Yesuus Kristoos, du`ee Awwaalamme, Awwaala keessaa keessaa ka`uu isaati. Isaan kun seenaa Yesuus keessa kan jiran akka dhugaa Wangeelaatti ibsamaniiru. Phaauloos tokkoo tokkoo isaanii tuxxuquudhaan obboloota Qoroontaasiif Xalayaa yeroo barreesse dhugaan fayyina isaanii kanaa wajjin walqabatee ta`uu isaa ibsa.” Ammas yaa obboloota ko! Wangeela isa ani isinitti lallabu isa isin fudhattan, isa isin itti Cimtani dhaabbatanii jirtan isin nan barsiisa. Sababii amantaniif utuu hin beekin fudhattan yoo ta`e malee akkuma ani isinitti lallabetti yoo eeggattan wangeelichumaan in fayyitu. Hundumaa irra caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera, innis caaffanni qulqullaa`oo akka jedhanitti, Kristoos cubbuu keenyaaf du`eera,. Inni awwaalameera, caaffanni qulqullaa`oon akka jedhanitti guyyaa sadaffaattis du`aa kaafameera” jedha (1 Qoroontoos 15:1-4). Karaa biraatiin wangeelli Kristoos dhugaa kana irratti boqoteera. Utuu Kristoos hin dune ta`ee, in awwaalamne ta`ee awwaala keessaa hin kaane ta`ee, silaa Wangeela wanti jedhamu hin jiru, kanaaf iyyuu fayyinnis hin jiru. Garuu du`uu, Awwaalamuu fi du`aa ka`uu isaatiin Wangeela arganneerra, wangeelli kunis biyya lafaa Jijjiireera.

Amma dhugaa wangeelaa kana tokko tokkoon ilaalla, dhugaan kunis anaa fi siif maal akka qaban caqasna.

### **1. Du`a Kristoos.**

Macaafni Qulqulluun irra deddeebi`ee du`a Kristoos dubbata. Mee Sagalee dubbii Waaqayyo dhaggeeffadhu. “Yaada garaa isa Kristoos Yesuus qaba ture qabaadhaa. Inni bifa Waaqayyummaatiinutuma jiruu, ulfina waaqayyummaa isa abbaa isaa wajjin wal isa qixxeessu, wanta qabatanii itti hafanitti hin lakkoofne, Inni ulfina sana gad dhiisee akka waan, waan tokkootti illee hin galle of godhee, bifa gabrummaa in fudhate fakkaattii namummaatiin in dhalate, waan hundumaanis nama ta`ee argame, Inni gad of deebisee hamma du`aatti hamma fannifamee du`utti iyyuu abboomamaa ta`e” (Fliphisiyyus 2:5-8). “Haa ta`u iyyuu malee isa yeroo gabaadhaaf ergamootaa gad ta`ee dhphatee du`uu isaatiin, amma gonfoo guddinaa fi ulfinaa mataa isaa irra kaa`ate Yesuusiin in argina kunis Ayyaana Waaqayyootiin inni nama hundumaaf du`a miyeeffatee akka ilaaluuf ta`e” (Ibroota 2:9)

Kristoos Eenyuuf du`e? Inni akka ibroota 2:9 irratti dubbifnutti nama hundumaaf du`e, Akka Caaffanni qulqullaa`oon barsiisanitti Cubbamoota hundaaf du`e, Dhaggeeffadhu. “Waaqayyo garuu utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristoos nuuf du`uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa” (Roomaa 5:8)., Garuu maaliif Cubbamootaaf du`e? fayyinaa fi Abdii fiduufi, akkasitti dubbifna, “Waaqa-

yyo namni hundi akka fayyuuf, dhugaa beekuu biras akka ga`u in godha” jedha (1 Ximotewos 2:4)., “Gooftaan wanta abdachiise raawwachuudhaaf hin seesu akka namoonni tokko tokko seesutti isa lakkaa`an miti, inni namoonni hundinuu yaada garaa isaanii akka geeddaratan, malee, garri tokko illee akka badan waan hin barbaanneef obsaan isiniif in dandaa`a” (2 Pheexroos 3:9).

Kana jechuun Namni tokko anaa fi siif du`eera. Mee waa`ee kanaa yaadi. Nutis Cubbamootaa fi diinota Waaqayyoo, warra araaramaa fi ayyaana kanaaf hin mallu turre, Kanaaf Kristoos ulfina isaa waaqa irratti dhiisee biyya lafaa cubbamtuu gaddisiiftuu kana irra dhufee fannoo irratti fannifamee du`ee, nuti immoo du`a isaatiin fayyinaa fi Abdii jireenya bara baraa arganne.(Roomaan 5:6,7). Ammam Dinqisiisaadhaa!, garruu yaadi, inni ilma Namaa biyya lafaa jiru hundumaaf du`e, kaleessas harra`as boris, ammam galateeffanna, inni bu`aa abboomamuu fi amanamummaa keenyaati. Kan kanaa gadii maal gochuu dandeenya?

## **2. Awwaalamuu kristoos.**

Erga Kristoos fannoo irratti du`ee booda Caaffanni akka jedhuttu, “Yommuu galgalaa`ee sooressi mandara Armaatiyaa, Yooseef jedhamu tokko dhufe, namichi kun ofuma isaatii bartuu Yesuus ta`eera, inni Philaaxoos bira dhaqee Reeffa Yesuus kadhate, kana irratti Philaaxoos akka kennamuuf in abboome, yommuu Yooseef reeficha fuudhee, Wayyaa haarrii quncee talbaa irraa dha`ameen kafanee awwaala isa reefuu ofii isaatiif garaa dhagaa keessatti tolfate keessa kaa`e dhagaa guddaas gara balbala awwaalichaatti gangalchee, adeeme, Maariyaam isheen Magdalaa Maariyaam isheen kaanis fuullee awwaalichaa in taa`u turan” (Maatewos 27:57-61).

Egaa karaa baayy`eetiin awwaalamuun Gooftaa kan namootaa irraa, awwaalamuu namoota kaanii irraa adda miti, keessumatti iyyuu yeroo sanaaf kuni beekkamaa dha, akka fedhetti iyyuu haa du`u, kan du`e in awwaalama. Kun egaa addunyaa guutuu irratti uumama hunda biratti waan dhugaa ta`eedha. Garuu gooftaan kakuu seene qaba, innis yoo du`e akka awwaalamu, yoo awwaalame immoo akka awwaala keessaa ka`u dubbatee ture, Akkas jedhee labseera, “Mana qulqullummaa kana jigsaa, ani immoo guyyaa sadiitti deebisee nan ijaaraa” jedhe (Yohaannis 2:19). Haa ta`uutii isaaniif jechi isaa kun hin galleef, garuu utuu galeeraaf ta`e in amanu turanii? Maaltu ta`e du`uu fi awwaalamuu isaa booda? Ergamoonni bartoonni isaa naasuu keessa galaniiru, wanti hundinuu waan dhumate itti fakkaateera, abdiin isaaniis awwaalameera. Garuu achii booda maaltu ta`e ? Yesuus Akkuma waada galette guyyaa sadaffaatti Awwaalaa ba`e.

## **3. Du`aa ka`uu Yesuus.**

Utuu Kristoos fannoo irratti du`ee awwaala keessatti hafee, addunyaan in dagatti turte, akka nama fakkeessituuttis isa yaadatti ta`uu dandaa`a, kanaafis inni namoota

kaan warra du`anii wajjin garaa garummaa hin qabu jedhama ture. Garuu Yesuus Adda. Inni Ilma Waaqayyooti, inni Akkas jedheera, ilmi namaa awwaala keessaa guyyaa sadaffaatti in ka`a jedhe, akkuma jedhe Awwaala diigee ka`e. (Maatewos 28) bu`aa du`aa ka`uu isaa irraa kan ka`e, hunduu akka du`aa ka`u fi jireenyi bara baraas in jira.

Garuu utuu fagoo hin dhaqin, mee xiqqoo waa`ee du`aa ka`uu isaatii kan himan caaffatoota qulqullaa`oo ilaalla. “Akka qulqullummaa isaa isa hafuuraatti immoo, warra du`an keessaa ka`uudhaan Yesuus Kristoos gooftaan keenya ilma Waaqayyoo ta`uun isaa humnaan beeksifameera” (Roomaa 1:4). “Kanaafis isa duwwaa beekuu human du`aa ka`uu isaas miyeeffachuu, dhiphina isaa irra, du`a isaa irraas hirmaachuu nan barbaada” (Filiphisiyos 3:10), “Waaqayyo abbaa gooftaa keenyaa Yesuus Kristoosiif galanin haa ta`u ! Inni araara isaa isa guddaadhaan, Yesuus Kristoos warra du`an keessaa ka`uu isaatiin, abdii isa jiraataa kanatti qabamnee akka jiraannuuf haaraa godhee nu dhalachiiseera” (1 Pheexroos 1:3). “Kunis fakkeenya cuuphaa isa isin amma ittiin ooltanii ti, cuuphaan waan ittiin karaa du`aa ka`uu Yesuus Kristoos, yaada garaa nama hin ceephaane argachuudhaaf, Waaqayyotti himatanii dha malee, waan ittiin xurii dhagnaa dhiqatan miti” (1 Pheexroos 3:21), “Kristoos warra du`an keessaa erga kaafamee, deebi`ee akka hin duune, duunis si`achi isa irratti gooftummaa akka hin qabne beekna” (Roomaa 6:9). “Gooftaa warra du`aniif warra jiranii ta`uudhaaf, Kristoos du`ee deebi`ee jiraate” (Roomaa 14:9).

Kristoos akkuma du`etti, Awwaalamee ture, Awwaala keessaas ka`eera, inni amma gooftaa keenya fayyisaa dha. Inni mirga Waaqayyoo jira (Hojii Ergamootaa 2). Akkuma abdii kennetti guyyaa tokko deebi`ee dhufa. (Yohaannis 14:1-3)

Du`a Kristoosiin dhiigni isaa kan dhangala`eef dhiifama cubbuu ilmaan namaatiifi (Maatewos 26:28, Efeesoon 1:7). Wangeela Kristoosiif abboomamuu isaatiin dhiiga sanaan kan wal qunnamu yoo ta`u, akkasitti cubbuun isaa dhiifama ykn haqama. (Hojii Ergamootaa 2:38, Hojii Ergamootaa 22:16). Barumsa itti aanu keessatti akkaataa kun itti raawwatamu caalaatti in argina.

Egaa dhugoonfadhu, hundumtoo yoo abboomamnee yoo duukka buutuu tane, Du`aa ka`uu isaa irraa kan ka`e nutis isaa wajjin du`aa kaana, isaa Wajjin moona, isaa wajjin jireenya bara baraas jiraanna.

## **GAAFFILEE**

1. Maali wanti macaafni qulqulluun ifatti waa`ee Yesuus barsiisu?
2. Dhugaa wangeelaa ibsi.
3. Maaliif akkas jedhanii waaman?
4. 1 Qorontoos 15:1-4, dubbisi.

5. Wangeela Kristtos maal jechuu akka ta'e ibsi.
6. Mee luqqisa amma tokko kan Yesuus du'uu isaa himu, kenni
7. Kristoos eenyyuf du'e?
8. Kristoos maaliif cubbamootaaf du'e?
9. Duuti Kristoos tokkoo tokkoo keenyaaf maal akka ta'e mari'adhu.
10. Seenaa Awwaalamuu gooftaa himi.
11. Maali abdii Kristoos kenne du'ee Awwaalamuu isaa booda?
12. Ergamoonni abdiin inni kenne galeeraafi?
13. Du'uu fi Awwaalamuun isaa warra kaanii wajjin garaagarummaa maal qaba?
14. Maali bu'aan du'aa ka'uuu Kristoos?
15. Mee luqqisoota amma ta'e waa'ee du'aa ka'uu isaatii kenni.
16. Amma Kristoos nuuf maal keenya?
17. Inni amma eessa jira?
18. Deebi'ee in dhufaa? Yoo in dhufa ta'e, Yoomi?
19. Barbaachisummaa dhiiga Kristoos irratti mari'adhu.

## **BARUMSA SADII WAAMICHA WANGEELAA**

Dhaabbolii amantaa bara kanaa keessa yaada karaa baayy'ee Waaqayyo ittiin gara fayyinaatti nama waama jedhanii kan barsiisan baayy'eetu jiru. 1ffaan, warra Waaqayyo sagalee gurratti dhagaa'amuun nama waama jedhanii kan barsiisan jiru, 2ffaan kan jedhan Yesuus mataan isaa abjuu ykn manaamaan ykn Mullataan dhufa jedhu. 3ffaan Gooftaan karaa adda ta'e tokkoon milikkitaan waama kan jedhanis jiru, Amma hunda sadan kana iyyuu karaa Waaqayyo gara fayyinaatti nama waamu, kallattiidhaan namootaaf ergu jedhu. Garuu Macaafni qulqulluun kana barsiisaa? Ilaa Akeekkachiisa, warra in dhageenya in argina jedhan kana shakkisiisoodha.

Duraan dursa wanti beekuu qabnu: Waaqayyo bara kana in dubbataa? Yoo akkas ta'e, akkamitti dubbata? Kuni salphaa dha yeroo gara Ibroota 1:1,2, dhaqnee Ilaallu, "Bara duriitti Waaqayyo si'a baayy'ee karaa garaa garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera. Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubbate, Waaqayyo ilma isaa Kanaan waaqaa fi lafa uume, waan hundumaas harka isaatti kennuuf isa dhaabe" (Ibroota 1:1,2)., akka dubbii kanaatti Waaqayyo bara kana karaa ilma isaatii dubbata, kunis Maatewos 17:5, gaafa Yesuus bifa ulfina isaatiin isaanitti mullate sagaleen dhufe dhaggeeffadhu "Kun ilma ko isa ani jaalladhuu, gammachuun koos isatti in raawwatama isa dhagaa'a" jedhe.

Gaaffiin itti aanu Waaqayyo kallattiidhaan amma namootatti in dubbataa, Kris-

toos kallattiidhaan in dubbataa? Kunis Yeroo Caaffata dubbifnu ifa ta`a, akkas jedha, “Yesuus macaafa kana keessatti kan hin caafamin, milikkita kan biraa baayy`ee bartoota isaa duratti hojjeteera. Isaan kun garuu, Yesuus, Kristoosicha ilma Waaqayyoo ta`uu isaa akka amntaniif amanachuu keessaniinis maqaa isaatti jireenya akka qabaattaniif caafaman” (Yohaannis 20:30-31). Amma egaa maaliif caafaman? Innis akka itti amannuufi. Garuu eessatti caafaman? Kakuu haaraa keessatti. Kanaaf iyyuu yoo nuti dubbisuu fi qu`achuu barbaannee caaffata qu`anne fedhii Waaqayyoo baruu dandeenya.

Ammas, kan dubbifnu, “Egaa Amantiin dhaga`uu irraa in dhufa, Wanti dhaga`uun ta`u immoo dubbii Kristoosiin beekkama” (Roomaa 10:17). Gaaffii, Amantiin karaa biraa in dhufaa?, yoo ta`e, garuu Caaffanni kana hin jedhu ture. dhuguma warri wa`ee kana dhageenye, sana argine, muuxannoo addaa addaa qabna jedhan jiraach-hu isaanii, garuu Dubbiin Waaqayyoo waan akkanaa hin barsiisu, kanaa manna kan inni barsiisu, Amantiin dhaga`uu irraa dhufa wanti Dhaga`uun ta`u immoo dubbii Kristoosiin beekkama. Kanaaf iyyuu, Macaafni tokkumatu jira, amantiinis tokkumatu jira (Efeesoon 4:5).

Sababni isaa Amantiin dubbii Waaqayyoo dhaga`uu irraa dhufa, kanaafi egaa kan nuyi barbaachisummaa dubbii Waaqayyoo kan barannuuf (2 Ximootewos 2:15) Caaffata qulqullaa`oo sakatta`uudhaan (Yohaannis 5:39), etc. akka dhugaatti yoo ta`e ilaalchi guddaa fi geggeeffamni hafuuraan ta`e Caaffata qulqulluun kan ta`eef kanaafi (2 Ximotewos 3:16, 17).

Achiis macaafni qulqulluun wangeelli mi`a tokko tokko keessa akka kaa`ame nutti himu, Phaauloosiin dhaggeeffadhu, “Nuyii keenyaa utuu hin ta`in “Yesuus Kristoos gooftaa dha” jennee in lallabna, nuyi immoo sababii Yesuusiif hojjetoota keessan. Waaqayyo isa “Dukkana Keessa ifni haa ifu” jedhera, beekumsa ulfina isaa isa fuula Kristoos irraa mul`atu ifatti baasuudhaaf garaa keenya keessatti nuuf ibse, Ammas nuyi warri wanta gati-jabeessa akkasii fudhanne kun, akka qodaa suphee ti, kana eeguudhaaf humni human gararraa kun keenya utuu hin ta`in kan Waaqayyooti” (2 Qorontoos 4:5-7). Mee amma maal jechuu isaati? Gabaabumatti wanti inni jedhu Gooftaan namoota dhuunfaatti fo`ate, akka Phaauloosfaa, Wangeela fuudhanii gara warra itti ergaman akka dhaqaniif. Amma egaa yaadi mee wanta Hojii Ergamootaa keessatti ta`aa ture. Mee fakkeenya tokko kenni me iddoo gooftaan dhuunfaatti fayyina lubbuutti dubbate. Fakkeenya tokko illee kennuu hin dandeessu., Hojii Ergamootaa 8, ergamaan Waaqayyoo Filiphositti ergamee wangeela Kristoos nama Xu`aashii sanaaf akka lallabu itti hime. Gaaffii:- Maaliif ergamaan sun dhaqee Filiphos Samaariyaatti dhiisee namoota achi jiranitti lallabuu isaa itti fufuu dhiise? Gooftaan wangeela meeshaa isaa suphee (nama) keessa waan kaa`eef ergaa Wangeelaa dabar-

suun kan ilma namaati. Dabalataanis, Hojii Ergamootaa 9 irratti saa`oliin argina, inni Yaa gooftaa maal akka godhuu qabu gaafannaan Gooftaanis gara magaalaa dh-aqu itti himee wanta achitti ta`us eenyuu wajjin akka wal qunnamus hubachiise(Hojii Ergamootaa 22:16). Gaaffii :- gooftaan maaliif ofii itti hin himne? Sababni isaa kana godhuun kan isaa hin turre. Macaafa Hojii ergamootaa guutuutti kan arginu gooftaan akkaataa itti fayyan dhuunfaatti eenyu itti iyyuu akka hin dubbannee dha., bara kanas karaa addaatiin gooftaan eenyutti iyyuu hin dubbatu, ykn mulla`atee eenyu itti iyyuu akkaata itti fayyan hin dubbatu, gooftaan yoo as jiraate illee nama tokkotti maal gochuu akka qabu itti himuu hin danda`u (Hojii Ergamootaa 9). Sababni isaa wangeela Kanaan dura lallabameen ala ta`uu hin danda`u (Galaatiyaa 1:6-9) erga waan inni abboome namatu godha ta`ee gooftaan kana gochuun isa irraa hin eeggamu. (Maarqoos 16:15-16), karaa biraatiin waan namni gochuu danda`u gooftaan namaaf hin godhu.

Sababni isaa wangeelli meeshaa baayy`ee keessa taa`e, kanaaf hojjetoota wangeelaa keessaan warra kaaniif darbaa jira, Kristoosis “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa uumama hundumattis wangeela lallabaa, Namni Amane namni Cuuphames in fayya, namni hin amanne garuu itti faradama” (Maarqoos 16:15-16). Dabalataanis “Caaffanni qulqullaa`oon “Namni maqaa gooftaa Waammatu hundinuu in Oola” in Jedha.namoonni immoo, nama itti hin amanne attamitti waammatu ree? Attamittis nama waa`ee isaa dhaga`aanii hin beeknetti amanu ree?, namni utuu isaanitti hin lallabin attamitti waa`e isaa dhaga`u ree? , namoonni yoo ergaman malee attamitti lallabu ree? Warri oduu gaarii fidanii dhufan maal maal nama gammachiisu “ kan jedhu illee Caafameera.” (Roomaa 10:13-15). “Dubbicha lallabi, “Kun yeroo dha, kun yeroo miti” utuu hin jedhin qophaa`ii argami, nama balleessaa isaa hubachiisi ifadhu, obsa hundumaan gorsii barsiisi” (2 Ximotewos 4:2). Egaa arguu dandeessa gooftaan warra kana godha filachuu isaa. Kuni baayy`ee salphaadha.

Yoo kun dhugaa ta`e Phaaauloos, akkas jedhee warra Tasaloonqeetiif caafe, “Ulfina gooftaa keenya Yesuus Kristoos isinis Akka argattanitti inni karaa wangeela isa nuyi isiniif fidne kanatti isin waame” (2 Tasaloniiqee 2:14). Maali kun Phaaauloos say? Phaaauloos kan jedhu, Gooftaan saba Tasalooniiqee Wangeelaan waame, wangeela dhagaa`anii abboomaman, Kanaan gara Kristoositti waamamanii akkasitti, Gooftaanis karaa lallaba wangeelaa isaaniin waame.

Harra`a hoo akkami? Akkamitti waamamne? Nuti Kristiyaanonni akkuma Kanaan waamamnee wangeeluma kanaaf abboomamne., kana egaa. Wangeelatu nutti lallabame, in dhageenye, in abboomamne, achii booda gooftaan nu fayyise. Nutis yeroo wangeela kana akka ofii abboomamnetti warra kaaniifis dabarsinu waanuma akkasiitu ta`a. Gooftaan nama tokko karaa biraa isa kaan immoo karaa biraa hin

waamu, hundumtuu kan waamamuu dhaga`uu Wangeelaati.wangeelichis tokkuma.

Eeyyee harra`as Waaqayyo in dubbata kan inni dubbatu garuu Kristoos keessaani. Kristoos harra`as in dubbata kan inni dubbatu garuu dubbii isaa isa Caafame keessaani.warri Gooftaaf abboomaman itti gaafatama wangeela lallabuu fi barsiisuu qabu. Karaa Kanaan Gooftaan lallabdoota ykn barsiisota keessaan wangeela himame kana irratti hojjetee fedhii isaa mull`isee warra badan gara fayyinaatti afeera. (Maatewos 11:28-30).

Hojiin keenya inni duraa Wangeela lallabuu fi inni itti aa`anu warra abboomamuuf murteessan gargaaruudha.(Maatewos 28:19, 20). Kanaafi egaa kan Phaauloos kana jedhe “Kristoos Wangeela akkan lallabuuf na erge malee, akkan cuuphuuf ana hin ergine, fannifamuun Kristoos ulfina isaa akka argatuttan lallabe malee, fannoo isaa salphisuudhaaf ogummaa namaatiin hin lallabne, waa`ee fannifamuu Kristoos dubbachuun warra karaa badiisaa irra jiraniif gowwummaa dha, nuyi warra karaa fayyinaa irra jirruuf garuu, inni human Waaqayyooti” (1 Qoroontoos 1:17,18). Kan inni jedhu cuuphuu dhaaf hin waamamne, garuu duraan dursa wangeela himuuf, lallabuuf waamame, achii booda warra dhagaa`anii abboomamuuf murteessan cuupha, jechuu isaati.

Kanaan dura wangeela dhageesseettaa? Yoo hin dhageenye ta`e, amma waamicha wangeelaa kana fudhadhu- waamicha Kristoositti si fidu. Abboomami, yommus inni si fayyisa.

## **GAAFFILEE**

1. Yaadota amma ta`e karaa waaqayyo dhuunfaatti gara fayyinaatti nama waamu ibsi.
2. Harra`a gooftaan namootatti in dubbataa?
3. Akkamitti dubbata?
4. Ibroota 1:1,2, dubbisi.
5. Karaa eenyuutiin Waaqayyo namatti dubbata?
6. Maatewos 17:5, barreessi
7. Bara kana Waaqayyo kallattiidhaan namatti in dubbataa?
8. Yohaannis 20:30-31, maal barsiisa?
9. Amanitin akkamitti dhufa?
10. Amanitin karaa biraa itti dhufu jiraa?
11. Amanitin meeqatu jira?
12. Wangeella maal keessa kaa`amee jira?
13. Meeshaa isa jedhu ibsi
14. Macaafa hojii ergamootaa keessatti akkamitti akka gooftaan karaa hojjetoo-

ta, lallabdoota wangeelaa fedhii isaa namootatti mulli`ise amma tokko ibsi.

15. Gooftaan maaliif tokkoo tokkoo namaatti kallattii dhaa dubbachuu dhiisee, waan godha duwwaa maaliif itti hima?

16. Maarqoos 16:15,16, barreessi.

17. Harra`a akkamitti gara gooftaatti waamane?

18. Wangeelaan akkamitti waamana?

19. Akka Kristiyaanaatti hojiin keenya duraa maali?

20. Phaauloos maal gochuuf Waamame?

## **BARUMSA AFUR WANGEELAAF ABBOOMAMUU**

Namni tokko wangeelaaf abboomamuu dandaa`aa? Warra kun hin dandaa`amu jiru. Garaa Macaafni Qulqulluun Faallaa kanaa dubbata. Dhugaan wangeelaa immoo jira, akkuma ammaan dura ilaalletti nutis amanna. Kanaaf abboom-mii wangeelaatu jiru, barumsa itti aa`aanu keessatti kan ilaallu

Jalqaba irratti dhugaa wangeelaa irra deebinee ilaalla. Phaauloos akkas jedha, 1 Qorontos 15:1-4, irratti Duuti, awwaalamuu fi du`aa ka`uun Kristoos abbaamamuu wajjin maaltu walitti fida? Tole akka Phaauloos warra Roomaatiif barreessetti, “Waaqayyoon galanin haa ga`u ! Isin dur garboota cubbuu turtan, amma garuu qomoo barsiisa keenyaa isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abboomam-taniittu, cubbuu jalaa luba baatanii, hojjetaa qajeeleniaa taataniittu”( Roomaa 6:17, 18)., yaadadhu, duraan garboota cubbuu turan, amma immoo garboota qajeelinaati. Maaltu jijjiirama fide? Gabaadhumatti isaan “Doktiriina sirrii ta`een isa irraa fud-hatanii garaa irraa abboomamaniiru innis isaan birmadu baaseera, isaaniif fayyina ta`eera”, karaa biraa Wangeela Kristoosiif abboomamniiru. Garuu akkamitti dhugaa kanaaf abboomaman? Doctriinni kun gara du`a, Awwaalamuu fi du`aa ka`uu Kris-toositti geessa, garuu ammas hubadhu, abboomamaniiru doktriina sanaan. Isaanis cubbuu isaanii irraa du`aniiru, bisaan keessatti cuuphaadhaan gooftaa wajjin aw-waalamaniiru, awwaalamuu bishaanii keessaas kaafamaniiru. Kunis jalqaba Ergaa Warra Roomaa 6, irratti ibsameera. “Egaa maal jenna ree? Cubbuutti jiraachuu itti fufnaa ree? Waaqayyo hin ta`u jedha. Akkamitti cubbuu irraa duunee, lammata akka sanatti jiraachuu dhiifna? Du`a isaattis isatti dabalamuudhaaf akka cuuphamne in wallaaltanii ree? Nuyi cuuphamuudhaan du`a isaatti isatti dabalamnee isaa wajjin awwaalamneerra. Kristoos human abbaa isa ulfina qabeessaan warra du`an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jireenya haaraatti in jiraanna.akkuma du`a isaatti isaa wajjin walitti dabalamne, akkasuma du`aa ka`uu isaattis isaa wajjin walitti dabalam-na, nuyii deebinee garba cubbuu akka hin taaneetti dhagni inni cubbuu hojjetu akka

badduu baafamuuf, namummaan keenya inni moofaan isaa wajjin akka fannifame in beekna” (Roomaa 6:1-6)., kunis akkaataa Isaan doktriina kanaaf abboomaman Phauloos Roomaa 6:17,18, irratti hima., kana duwwaa miti, garuu eenyu illee akkaataa Kanaan abboomama, akka fakkeenya du`uu, Awwaalamuu fi du`aa ka`uu Kristoosiin fakkaachhudhaani.

Itti fufuudhaan, abboommii wangeelaa ilaallee, akkamitti akka wal qunnamanis xiinxalla, gooftaan Ergamoota isaa akkas jedhee Abboome, “Inni “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa! Uumama hundumattis wangeela lallabaa! Namni Amane namni cuuphames in fayya, namni hin amanne garuu itti faradama” (Maarqoos 16:15-16)., Maatewos immoo akkasitti Caafe, “ Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota ko godhaa, waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa ! kunoo, ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira” jedhe (Maatewos 28:19-20).. as irratti wanti beekuu qabdu, Gooftaan abboommii akkaataa itti Wangeela lallabanii dha. Kana duwwaa utuu hin ta`in namni sun fayyuudhaaf abboommii inni raawwachuu qaba. ergamoonni gaafa ajaja gooftaa raawwatan magaalaa Yerusaleem keessatti duraan dursa Yesuus ilma Waaqayyoo ta`uu isaa ragaalee dhiheessan (Hojii Ergamootaa 2), erga kana dhagaa`anii booda uummanni sun gaaffii gaafatani “Yaa obbolootaa egaa maal goonu ree? Jedhan (Hojii Ergamootaa 2:37), egaa gaaffii isaaniitiif waan godhuu qaban Pheexroos itti dubbachuutti ka`e “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kristoositti cuuphamaa, kennaa Hafuura qulqulluus in fudhattu” (Hojii Ergamootaa 2:38). Akkasuma Gooftaan yeroo Saa`olitti mullate (Hojii Ergamootaa 9), waan inni godhee fayyuu danda`u itti hime., magaalaa dhaqee nama inni walqunnamu itti hime, Anaaniyaa wajjin wal arge (hojii Ergamootaa 22:16), Hojii Ergamootaa 8 irrattis akka Filiiphoos wangeela lallabee fi namichis wangeela dhaga`ee Cuuphamuu akka barbaade duubata, mee Dhaggeeffadhu, “Filiiphoos Yommus “Garaa kee hundumaan yoo amanteef, siif in dandaa`ama” jedheen kana irratti inni “Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo akka ta`e nan amana” jedhee deebise, Namichi immoo konkolaatichi akka dhaabbatuuf abboome, Filiiphoosii fi namichi bishaan keessa lixanii, Filiiphoos isa in cuuphe, bishaanicha keessaa yommuu ba`an, hafuurri gooftaa Filiiphoosiin butee, fuudhee adeeme, namichi deebi`ee isa hin argine, haa ta`u iyyuu malee karaa isaa itti fufe, gammadaa adeeme” (Hojii Ergamootaa 8:37-39). Amma maali abboommiin Wangeelaa ? inni duraa namni tokko Lallaba wangeelaa dhaga`uu qaba. inni lammataa, namni tokko Waaqayyoon amanuu qaba, akkasumas Kristoosiin ilma Waaqayyoo ta`uu isaa, sadaffaan cubbuu isaa irraa yada garaa geeddarachuu qaba, afraffaan afaan isaatiin Yesuus Kristoos ilma Waaqa-

yyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu qaba, shanaffaan, cuuphamuudha, bishaan keessatti Awwaalamuun, innis dhiifamuu cubbuutiif. Yaada Kanaan itt fufuun, wangeelaaf abboomamee achii cubbuu irraa du`a. kana egaa, Wangeela dhaga`ee, gara amanu-utti dhufee cubbuu isaa hunduma irraa yaada garaa geeddaratee irraas deebi`a. kun hundinu cubbuu irraa du`uu dha.du`a itti Aa`anee Awwaalamuutu dhufa, awwaal-amuun kunis bishaan keessatti. Kanaan dura Filiiphoosii fi Namicha Xu`aashii argi-neerra, waan isaan godhanis dubbifneerra. Akkasumas Qolosaayis 2:12 fi Roomaa 6:4 kan nutti himan Awwaalamuudhaan Cuuphamuu dha., achii irraa Awwaalamuu booda du`aa ka`uu bishaan keessaa kaafamuutu dhufa. Hojii Ergamootaa 8, akka nutti himetti Filiiphoosii fi Namichi Xu`aashiinsun bishaan keessaa ba`an. Roomaa 6 akkasuma awwaalamuu fi Awwaala keessaa ka`uu, jireenya haaraatti jiraachuu dub-bata. Abboomamuu nama tokkoo Ajaja salphaa Kanaan fayyina ta`a. kanaafuu mal-lattoo du`a, awwaalamuu fi du`aa ka`uu gooftaaqabna. Kana duwwaa miti, tokkoon tokkoon namaa kan Kristoosiin abboomame, fakkeenya du`uu Awwaalamuu fi du`aa ka`uu qaba.

Yohaannis 3:3-5, Kristoos yeroo dubbatu, bishaanii fi Hafuura irraa dhalachuudha. Kunis isuma olitti dubbatame sana karaa biraa ibsuu isaatii, kunis yeroo namni tokko bishaan keessatti awwaalamu, bishaan sana keessaa dhalachuudhaan ba`uutu dhufa, awwaala bishaan keessaa ba`uu wajjin tokkoo dha. Akkuma jireenya haaraatiin deddeebi`uu, akkasumas dhaloota haaraa ta`uu ! (2 Qorontoos 5:17)., Ajajni akka Abboomamaniifi,warri Abboomame kun immoo gooftaa biraa in badhaafamu. Garuu wanti yaadachuu qabdu, Ajajni wangeelaa tokko illee akka laayyootti, akka waan faayidaa hin qabneetti, akka waan hin barbaachifneetti bira darbamuu hin qabu, garuu yoo tokkoo tokko ajaja Sanaa raawwatan gooftaan in fayyisa waldaa isaatti dabala, eebba hafuuraa hunda, abdii jireenya bara baraa wajjin kennaaf.

Akkasuma Wangeelli kun nama hundumaafi, namni hundinuu fayyina kana argachuudhaaf, “Hundumti isaanii garuu wangeela dhagaa`anii hin abboomamne, Isaayyaas “Gooftaa eenyutu waan nu irraa dhaga`e amane ree?” in jedha” (Roomaa 10:16).kunis kan ibsu namni tokko wangeelaaf ajajamuun abboomamee amma fayyuti ta`uu isaati. Warri Kana hin godhin hoo? Akkas jedha “Isin warra Rakkachaa jirtan immoo gaafa gooftaan Yesuus ergamoota isaa wajjin waaqa irraa mul`atu nuyi wajjin kana jalaa isin in baasa, Gooftichi ibidda bob`aa wajjin in mul`ata gaafas warra waaqayyoon beekuu hin barbaadin, warra Wangeela gooftaa keenyaa Yesuusiif hin abboomaminis in adaba. Isaan kun argaa gooftaa duraa, ulfina aangoo isaa duraas fageeffamanii badiisa bara baraatiin in adabamu” (2 Tasaloniiqee 1:7-9). Akka kanaatti Waaqayyoo beekuu dhiisuu, karaa biraa, wangeela fudhachuu dhiisuun kufuu, bu`aa kana fida, Hijaa ba`uun gooftaa akkasitti. Kristoos akkas jedhe warri wangeela amanan in fayyu,

warri hin amanne itti faradama. Jedhe (Maarqoos 16:16), eeyyee walumaa gala warri dhaga`uu dideef, hundinuu adabaa akka argatuu dha. (Ibroota 2:2, 3).

### **GAAFFILEE**

1. Namni tokko wangeelaaf abboomamuu In dandaa`a?
2. Dhugaa Wangeelaa barreessi
3. Roman 6:17,18 dubbisi
4. Warri Roomaa maal abboomaman?
5. Maali akkaataan doktriinaa?
6. Fakkeenya du`uu, Awwaalamuu fi du`aa kaafamuu gooftaa akkamitt ab-boommiidhaan argisisuun dandaa`ama?
7. Roman 6:1-6,maal barsiisa?
8. Maarqoos 16:15-16 fi Maatewos 28:19, 20, luqqisi
9. Gooftaan wangeelli akka lallabamuu maaliif ajaje?
10. Yoo dhugaadhaan fayyina barbaadan waan abboomamuun ta`u ibsi.
11. Waan ergamoonni hojii Ergamootaa 2 irratti lallaban ibsi.
12. Hiikkaa Hojii Ergamootaa 2:38, himi.
13. Wanti Filiphos namicha Xu`aashii sanatti lallabe maali?
14. Abboomii wangeelaa ibsi.
15. Akkamitti wangeelaaf abboomamuun,du`uu, awwaalamuu fi du`aa ka`uu gooftaa wajjin walitti dhufeenya qabaata?
16. Yohaannis 3:3-5, kanneen keessaa kamiin wal simata?
17. Gooftaa yoom nama fayyisa?
18. Eenyu kan wangeelaaf abboomamuu qabu?
19. Warra hin abboomamne irratti maaltu ta`uuf jira?
20. Waaqayyo warra isa beekuu didan in dhiisaafi?

### **BARUMSA SHAN WANGEELA DHAGA`UU**

Wanti dhaga`an, waan amananiif murteessaa dha. Yoo dogoggora dhaga`e, dogoggora sana amanuu in dandaa`ama.keessumatti iyyuu yoo caaffata qulqullaa`ooh in qu`atu ta`ee, dhugaa barruf hin tattaafatu yoo ta`e, dogoggora amanuu dandaa`a. kanaafi egaa dubbii waaqayyoo isa qulqulluu dhaga`uun kan barbaachisaa kan ta`eef. Phaauloos akkas jedha “Amantiin dhaga`uu iraa dhufa, kan dhaga`uun namaaf ta`us, dubbii Kristoosiini” jedha (Roomaa 10:17) hubadhu Xiyyeeffannaan dhaga`uu inni jedhu, waan biraa dhaga`uu utuu hin ta`in dubbii Waaqayyoo yoo ta`e, bu`aan isaa inni orijinaallis amantii ta`a.

Gaaffiin ka`u namni tokko amantii isaa akkamittiin dubbii waaqayyo irratti ta`a isa jedhu. Kunis wantoota baayy`eetu maqaa Waaqayyootiin, wantoota baayy`eetus fuula Macaafa qulqulluu irraa ta`ati jedhu. Garuu bay`een isaanii faallaa dha malee akka caaffataas miti. Kanaaf iyyuu addaan qoqqoodamuu fi bitaa namatti galuutu mull`ata. Kana Waan ta`eef namni tokko inni inni dhaga`e sun dhugaa ta`uu fi dhugaa ta`uu dhiisuu isaa akkamitti beeka? Karaa irra caalaan gara macaafa qulqulluu dhaquudha., eenyu illee lallaba namootaa fi barsiisa isaanii akka isa dhumaatti hin fudhatu. Ammam illee yoo nu jaallate, ammam illee yoo nu kabaje Lubbuun keenya baayy`ee qaaliidha fayynni keenyas dheeraa dhakanaaf salphaatti barsiisa namootaa hin fudhannu. Kanaa manna madda dhugaa isa ta`e gara macaafa qulqulluu deebiina. Yeroo gara isaatti deebinee dubbifannuu fi qu`annu caaffata qulqullaa`oo keessa sakattaanu caaffanni qulqullaa`oon karaa sirrii irra nu oofuuf raggaa`amaa dha.

Kristoos akkas jedhe “Caaffata qulqullaa`oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif caaffatoota in qortu, caaffannoosni sunis immoo anaaf dhugaa ba`u” (Yohaannis 5:39). Waa`ee warra Beeriaa immoo erga lallaba Phaauloos dhaga`aanii, Yiudoonni warri kunis warra warra Tasalooniiqee caalaa warra yaada gaarii turan dubbicha fudhachuudhaaf qophaa`anii, waan dubbatame kun dhugaa ta`uu isaa baruudhaaf, guyyuma guyyaatti macaafa qulqulluu in qoru turan” jarri kun uummanni kun uummata Beeriaati (Hojii Ergamootaa 17:11). Amma mee yaadi waa`ee kanaa. Asitti uummanni caaffata dubbii Waaqayyoo qu`atanii, lallaba Phaauloosis erga dhaggeeffatanii booda, yoo dhugumaan dhugaa lallabe jedhanii caaffata qoru turan. Erga bara Phaauloos iyyuu namoonni Caaffata qoru ta`ee, nutis lallaba lallabdoota qoroomne jedhan bara kanaa adda baafachuuf caaffata qoruu qabna. Utuu namni hundi akkas godhee dinqisaa mitii? Utuu kun in ta`a ta`eeti dogoggorri amantaas hin jiraatu ture, dhugumatti barsiisonni sobaas hin baayyatan tura.

Phaauloos yeroo dargaggeessa Hojjetaa Wangeelaa jabeessu akkas jedha, “Ati akka hojjetaa qoramee fudhatamee, waan itti yeella`u hin qabneetti, akka nama dubbicha isa dhugaadhaan qajeeltoo hojjetuutti Waaqayyo dura of dhaabachiisuudhaaf dhama`I” (2 Xiimotewos 2:15). Maaliif namoonni baayy`een dubbii Waaqayyoo hin beekneef? Sababni isaa macaafa qulqulluu hin qu`atan. Maaliif namoonni baayy`een Amantaadhaan gowwoonfamuu? Ammas sababni isaa hin qu`anne waan ta`ee garaa gammama dhugaa fi sobaa adda baafachuu hin dandaa`an. Maaliif namoonni baayy`een seerri Musee fi Seerri Kristoos bitaa itti gala? Kunis rakkina walfakkaataa dha, dubbii Waaqayyoo waan hin qu`atiniif dhugaa adda baafachuu hin dandaa`ani. Jaallewwan koo, erga Phaauloos Hojjetaa Wageelaa akka dubbii Waaqayyoo akka Qu`atu jajjabeessee, anaa fi isiniifis wanti akkasii kun hin barbaachisu jettanii yaadduu?

Yohaannis Kristiyaanota bara isaatii akkas jedhee hubachiisa, “Michoota koo !

warra hafuuraan in dubbanna jedhan hunda hin amaninaa, Waaqayyo biraa yoo ta`an hafuurota isaan ittiin dubbatan qoraatii ilaalaa malee, Raajonni sobduun baayy`een gara biyya lafaatti ba`aniiru” ( 1 Yohaannis 4:1). As irrati Yohaannis saba Waaqayy-otti akkas jedhee wawwaata, raajonni sobduu fi barsiisonni sobduun biyya lafaa irra gadi dhiifamani waan jiraniif hafuura hunduma hin amaniaa. Jedha. Garuu dhugaa ykn soba ta`uu isaanii akkamitti beekuu dandeenya? Akka inni jedhutti Ilaalaa yaalaa jedha. Akkamitti kana goona? ,waan isaan lallabanii fi waan isaan barsiisan dubbii Waaqayyoo wajjin wal bira qabnee ilaaluudhaani, yoo kana goone salphaatti eenyutu dhugaa lallaba eenyutu soba lallaba jennee dubbachuu fi himuu dandeenya.

Yeroo Filiiphoos namicha Xu`aashii sana qunname isaa dubbisaa jiru ta`uu argina, “Filiiphoos kutaa macaafa kanaatii jalqabee, waa`ee Yesuus misiraachoo itti himuutti ka`e” (Hojii Ergamootaa 8:35). Bu`aan lallaba Filiiphoos garaa nama kana seenee dhugaadhaan akka wangeela abboomamu godheera.. hojii ergamootaa 8:5, irratti akka Filiiphoos gara kutaa Samaariyaa uummatatti Kristoosiin lallabuu isaa dubbifna. Booda irra yeroo Pheexroosii fi Yohaannis dhaqan, sagaleen dubbii akka jedhutti dubbii Waaqayyoo lallabanii gara Yeruusaalemitti deebi`an jedha. (Hojii Ergamootaa 8:25), yaadadhu Xiyyeeffannaan lallaba isaanii Kristoosii fi dubbii Waaqayyoo irratti ta`uu isaa.

Wangeela karaa lamaan dhaga`uu dandeenya, duraan dursa akkuma ibsame dubbii Waaqayyoo ofii keenyaa qu`achuudhaani, kana godhuudhaan carraa Christoo-siin, Phaauloosiin, Pheexroosiin, fi Namoota Waaqayyoo kan hafan dhaga`uu arganna, kanas karaa dubbii isaa isa hafuuraan geggeeffamanii caafaniitiin, Garuu bara qaroomina jedhame kanatti, namoonni hundi hin dubbisan garuu kan irratti maxxanan dubbii waaqayyoo kana isa afaan namaatiin dubbatamu dhaggeeffachuu irratti qabamu. Kana keessatti garuu lalmatu jira. Lallabaa fi dhaggeeffataa. Sababa kanaatiif itti gaafatama guddaatu tokkoo tokkoo warra dubbii waaqayyoo lallabuuf filatee irra jira.. inni Macaafa kanaaf dhugaa ta`uu qaba. yoo dubbii Waaqayyoo kana danta-dhabummaan, ykn gowwoonfamuudhaan, karaa malee yoo deemsise namni tokko dhuma irratti dhiphina keessa gala. Phaauloos Warra Roomaa yeroo akeekkachiiisu warra isa isaan fudhatan kana mormuudhaan yaada namootaa gargar baasanii amantii irraa kuffisanii kana irraa akka of eeggattan jedha (Roomaa 16:17, 18). Kanaaf egaa dhaggeeffataan waan dhag`u kana kana utuu hin fudhatin adda baafachuuf itti gaafatama qaba. Kana waan ta`eef warri dubbii Waaqayyoo dubbisuuf dandeettii qaban, caaffata qulqullaa`oo mataa isaaniitiif qoruu qabu. Garuu warri dubbisuu hin dandeenye irratti rakkina nama yaachisutu itti jiraata. Maal gochuu danda`u? warri akkasii kun ofii dubbisuu dadhabanis, nama isaaniif dubbisu barbaadanii kallattiidhumaan Dubbii waaqayyoo irraa akka dubbisaniif gochuu qabu.

Dhugaadhaan yoo dubbii waaqayyoo baruuf fedhii qabaatan karaan jira.

Tokkos ta'ee hundumtuu aka wangeela dhaga'uuf abboommiin gooftaa ergamootatti kennamuun baayyee barbaachisaa dha (Maarqoos 16:16), dabalees gara saba hundumaa akka dhaqanii barsiisan abboomamaniiru, (Maatewos 28:19). Garuu maaliifi? Ilmi namaa hundi wangeela dhaga'uu qaba, dhugaa dubbii waaqayyoo dhaga'uu qaba, amanuu abboomamuu qaba waan ta'eef, kana yeroo godhu in Fayya, waan ta'eef, Phauloos Ximootewosiif yeroo Caafu "Ati ofii kee, barsiisa kees eeggadhu, itti jabaadhu ! Akkas gochuu keetiin mataa kee, warra si dhaga'anis gara fayyinaatti in geessita" jedha (1 Ximootewos 4:16)., namni tokko dhaga'uudhaan akkamitti fayya? Akkuma duraan caafametti amanitin dhaga'uu irraa dhufa, dhaga'uun gara amantiitti geggeessa, amanitin immoo gara abboomamuutti , abboomamuun immoo gara fayyinaatti. Kana egaa Sirriitti kan Phauloos dubbatu.

Yoo Macaafa Hojii Ergamootaa dubbisuuf fedhii qabaatte, lallabaa Wangeelaa dhugaa yeroo hundumaa qabda jechuudha. Maali hojiin isaa?, warra fayyinni barbaachisuuf wangeela lallabuudha. Kanaaf iyyuu yeroo Wangeela dhagaa'an, aman, abboomaman, achii booda in fayyu. Garuu yoo carraa dhaggeeffachuu dubbii kanaa hin qaban ta'e hoo?, fayyuu hin dandaa'an, sababni isaa amanitin dhaga'uu irraa dhufa, kan dhagaa'anis dubbii Waaqayyooti, amantii malee Waaqayyoon gammachiisuun hin dandaa'amu. (Ibroota 11:6).

Waaqayyoo Ilma isaa Yesuusiin ilaalchisee akkas jedhe "Kuni ilma ko isa ani jaalladhuu dha, gammachuun kos isatti in raaawwatama, isa dhagaa'a" jedhe (Maatewos 17:5)., dabalees kan dubbifnu, I (Ibroota 1:1, 2). Ammas Kristoos dubbii waaqayyoo ta'uu isaa dubbifna (Yohaannis 1:1,2). Kanaaf iyyuu Kristoosiin dhaga'uunisaaf abboomamuun gara fayyinaatti fida waan ta'eef barbaachisaa dha. Waan namoonni jwedhan irraanfadhu, yaada isaa tilmaama isaa, barsiisa saa kkf waan tokko faayidaa waan hin qabne ta'ee argama yeroo isa gooftaan jedhuu wajjin wal bira qabnee ilaalu. Dhaga'uun kan nuuf ta'u Kristoos duwwaadha. Amanous kan qabnu Kristoos duwwaadha. Abboomamuufis kan qabnu Kristoos duwwaadha.

Dhuma irratti Yaaqoob akkas jedhee caafe "Warra dubbicha hojii irra oolchan ta'aa malee, warra dhaga'uu duwwaadhaan of gowwoomsan hin ta'inaa" jedha (Yaaqoob 1:22)., akkuma dubbii Waaqayyoo dhageenyeen, asuma irratti dhaabbannee baduunis in dandaa'ama, dhugaa beekuu duwwaan nu hin fayyisu, garuu dhugaa sanaaf abboomamnu malee. Kanaaf nuyis, warra dhaga'u duwwaa utuu hin ta'in warra hoji irra oolchu ta'aa kan jennu. Kana irra deddeebinee yaaduudhaan gaarii goona.

## **GAAFFILEE**

1. Yeroo baayyee wanti Amanan maal irratti hundaa`a?
2. Amanitin akkamitti dhufa?
3. Namni tokko amanitin isaa dubbii waaqayyo irratti hundaa`uu isaa beekuu dandaa`a? akkamitti?
4. Namni tokko dhuma irratti barsiisa namaa fudhachuu dandaa`a?
5. Yohaannis 5:39, dubbisi.
6. Warri Beeriyaa warra Tasalooniqee kan caalan maaliifi?
7. Akkamitti dogoggorri amantaa nama balleessa?
8. Qu`achuun maaliif barbaachisa?
9. Waan namoonni dubbii Waaqayyo hin fudhanne bu`aa isaa amma tokko himi.
10. 1 Yohaannis 4:1, maal barsiisa?
11. Waan Filiiphoos Namicha Xu`aashiitti lallabe ibsi.
12. Filiiphoos maaliif Samaariyaa dhage?
13. Karaa lameen keessa kami kan wangeelli dhagaa`amu?
14. Gooftaan warra wangeela lallabanitti itti gaafatama kenneeraa?
15. Nuyi dhaga`uudhaaf eenyu?
16. Kristoos harra`a akkamitti nutti dubbata?
17. Dhaggeeffataa akkamii ta`uu qabna?
18. Dhugaan yoom nama fayyisa?

## **BARUMSA JAHA WAAQAYYOTTI AMANUU**

Barreessaan Macaafa Ibrootaa kan nutti himu “Amantiin waan abdatan “Dhuguma in ta`a” jedhanii fudhachuu dha, waan ijaan hin argines akka waan arganiitti “jira” jedhanii lakkaa`uu dha” jedha (Ibroota 11:1). Akkasuma amanitiniinis ofitti amanamummaa, wal amanataa, fudhata yeroo ta`u ajajamuu fiduu jechuun in dandaa`ama. Bu`uura kana irratti kan namni Kristiyaana ta`u amantii irraa kan ka`e Kristiyaana ta`ee hafa.

Dabalataan Barreessaan Ibrootaa kan caafe “Amantii malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun, hin dandaa`amu, eenyu illee Waaqayyotti dhihaachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira” (Ibroota 11:6). As irratti waanti yaadatamuu qabu, kana keessatti Amantiin karaa lamaan hiikkama, tokkoffaan, Akka Waaqayyo jiraataa ta`e akka jiru amanuu. Inni lammataa Waaqayyo warra isa barbaaddataniif gatii akka kennu amanuu dha. Kana irraa yoo gadi bu`e garuu akkamitti amanitin nama tokkoo fudhatama

qabaachuu danda`a?

Akkamitti Waaqayyo samii keessa akka jiru amanuu dhiisuu dandeenya, yeroo naannoo keenya ilaallee wantoota jiran hundumaa arginu? Samiiwwan, dachiin, horiin (Beeyiladni), jireenya namaa, fi wantoonni kun hundi garaa uumaatti agarsiisu. Daawit akkas jedhee labsa, “Bantiiwwan Waaqaa ulfina Waaqayyoo himaa jiru, wanti bantii waaqaa jalaan mull`atus hojii harka isaa in labsa” jedha (Faarfannaa 19:1). “Gowwoonni garaa isaaniitti “Waaqayyo hin jiru”, in jedhu,” (Faarfannaa 14:1).

Garuu Jiraachuu Waaqayyoo Amanuun qofti gahaa miti. Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaas amanuu qabna. Kristoos mataan isaa akkas jedha “Garaan keessan hin raafamin, Waaqayyotti amanaa anattis amanaa” jedheera. (Yohaannis 14:1)., kan kana nutti himan luqqistoota baayy`eetu jiru. Kana dhaggeeffadhu, “Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate, kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti” (Yohaannis 3:16). “Yesuus sagalee isaa guddisee “Namni anatti amanu, isa ana erge sanatti amana malee anatti amana miti” (Yohaannis 12:44).

Warri Kristoositti hin amanin hoo? Caaffanni qulqullaa`oon kan nutti himan, warra hin amanne kana, Kristoos akkas jedha, “Ilma isaatti kan amanu itti hin faradamu, kan itti hin amanne garuu Ammuma iyyuu itti faradameera” (Yohaannis 3:18), “Namni ilma Waaqayyootti amanu jireenya bara baraa qaba, Ilma Waaqayyooof kan hin abboomamne garuu, jireenya hin argatu, dheekkamsa Waaqayyootu isa irratti hafa malee” jedhe (Yohaannis 3:36). “Cubbuu keessaniin akka duutan isinitti himeera, ani eenyu akkan ta`e beektanii yoo amanuudhaa baattan cubbuu keessaniin in duutu” isaaniin jedhe` (Yohaannis 8:24).

Sagalee Caaffatoota qulqullaa`oo yeroo hubannu, dhugumatti gooftaatti amanuudhaan eebbota jiran arguu dandeenya, garuu yeroo walfakkaatutti abaarsa, rakkinnaa fi adabbii warra isatti amanuu dhiisuu filatanii irra gahu arguu dandeenya.

Garuu hammam Waaqayyoo fi Kristoos akka ilma Waaqayyootti amanuu qabna? Sammuudhaan isaan fudhachuu dandeenya, garuu kuni gahaa dhaa? Dubbiin Waaqayyoo amantii keenya agarsiisuu ykn mirkaneessuu akka qabnu nutti hima. Fakkeenyaaf Kristoos akkas jedha, “Yesuus itti fufee, “Maaliif waanan isinitti himu utuu hin godhin, yaa gooftaa yaa gooftaa naan jettu?” jedha (Luuqaas 6:46). Ammas itti dabalataan akkas jedha, Yesuus “Jaalala abbaa koo isa Waaqa irraa nama hojjetutu mootummaa Waaqaatti gala malee, namni `yaa gooftaa yaa gooftaa` naan jechuu duwwaadhaan itti gala miti. Guyyaa isa dhumaa sanatti namoonni baayy`een `Yaa gooftaa, yaa gooftaa, nuyi maqaa keetiin raajii dubbanneerra, maqaa keetiin hafuurota hamoota baafneerra, hojii aangoos maqaa keetiin baayy`ee hojjenneerra mitii? `anaa jedhu. Ani immoo yeroo sanatti, `Matumaa ani isin hin beeku, isin yaa

warra hamaa hojjettanii, ija koo duraa badaa! Jedheen mul`inati isaanitti hima” jedhe (Maatewos 7:21-23). Jarri kun amantoota, jireenya amantaa keessas kan shaakalaa turanii dha, garuu maali dogoggoorri? Deebisaan isaa fedhii Waaqayyo isa Waaqa irraa hin goone.

Waan inni gochuu qabdu jedhu yoo hojjenne Gooftaatti amanne jedhama, yoo kana hin ta`in, amanitin hojii hin qabne du`aa ta`uu isaati. Yaaqoob akkas jedha “Amanitiinis akkasuma, hojii gaariidhaan hin argisiifamu yoo ta`e, inni ofii isaatii du`aa dha” jedha (Yaaqoob 2:17). Itti dabalees akkas jedha, “Egaa namni amantii duwwaadhaan utuu hin ta`in, hojii gaariidhaan qajeelaatti akka lakkaa`amu in argitu” jedha (Yaaqoob 2:24), ammas “Akkuma dhagni hafuurri keessaa ba`e du`aa ta`e akkasuma amanitin hojii gaarii hin argisiifne du`aa dha” (Yaaqoob 2:26). amma caqasoota addaa addaa kana kessatti barreessaan hafuuraan geggeeffame amantii caalaatti waan ittiin fayyinu nutti agarsiisaa jira., kanas fakkeenya tokkoo ol ta`een in deggara.

Yeroo tokko tokko lallabdootaa fi barsiisonni amantii duwwaatu nama fayyisa jedhanii barsiisan, dubbii caaffataa keessa Yohaannis 3:16, akka fakkiitti kaasuu, garuu as irratti Kristoos waa`ee Amantii duwwaa ilaalchisee waan jedhe hin jiru, kan inni jedhe yoo Waaqayyotti amannee hin badnu garaa jireenya bara baraa arganna isa jedhu dubbate. Gaaffiin jiru ka`uu abu, dhuguma Namni took yoo Waaqayyoo fi dubbii isaatti amane maal gochuu qaba? isa jedhu ta`a, yoo Waaqayyoo fi dubbii waaqayyootti amane Gooftaaf abboomama, dhugumatti ijoon jiru kana.

Eeyyee, qajeelummaan amantiidhaani (Roomaa 5:1), garuu amantii duwwaadhaan miti. Ayyaana waaqayyootiin amantii keenya keessaan fayyine (Efeesoon 2:8,9), garuu amantii duwwaan miti. Dhugumatti namni tokko geeddarannaa yaada garaa, malee, cuuphaa malee, jireenya kristiyaanummaa malee fayya jedhanii mormuun hin ta`u. garuu amantii duwwaa lallabuun amantii duwwaa jechuuf dirqisiisa. Yoo dhugaa dubbanne rakkinni kan jiru hiikkaa amantii irratti. Caaffanni kan barsiisu bi-foota amantii yeroo ibsu, Amantii dammaqaa ta`e, Amantii sosocho`u, Amantii hojjetuu fi amantii abboomamaa ta`e nu barsiisa. Yeroo Yesuus warra nama dhukkubsate fidanii dhufan (Maatewos 9:2), irratti yeroo Dubbifnu, Yesuus akka Amantii keenya ilala malee Waa`ee amantii isa haasofnu miti, kan inni nurraa barbaadu, Amantii kana akka mull`ifnu, akka agarsiifnu, akka tarkaanfii fudhannee hojiitti jijjiirru, abboomamuu keenyaan ajaja isaa akka raawwannu barbaada. Kanaa achi amanitin keenya du`aa fi kan waa`ee hin baafnee dha..

Amanitin abboommii wangeela Kristoos keessaa isa tokko. Inni kan dhufu dhaga`uudhaani (Roomaa 10:17), kunis tokkoo tokkoo nama gara geeddarannaa yaada garaa, gara Kristoos ilma Waaqayyo ta`uu isaa dhugaa ba`uu, gara dhiifamuu cubbuutiif Cuuphamuu kanneeni. Garuu Amantii kana malee gara abboomamuu

ajaja gooftaatti hin dhufamu. Amantii dhugaatiin abboomamuu yeroodhuma sana nu ordofa. Amanitin abboomamuu qabu kun Ajajni gooftaa gaaffii itti hin ta`u, ajaja gooftaa diduun hin ta`u barsiisa isaa fudhachuu malee.

Kristoos akkas jedhe “Kan amane kan Cuuphames in fayya, garuu kan hin amanne itti faradama” (Maarqoos 16:16), Namni tokko amanuu dhiisuun isaa gooftaaf abboomamuu dhiisuu akka ta`e beekkamaa dha.. fakkaattii kanaatiin yoo amane inK-ristoosiif abboomama, achii booda in cuuphama. Kuni salphaa dha. Mitii? Guutuu macaafa Hojii Ergamootaa keessatti lallaboota wangeelaa warra cubbmootaaf lallaban argina, namni sun in dhaga`a, wangeela amana, yaada garaa geeddarata, Kristoosiin dhugaa ba`aa, achii booda dhifamuu cubbuu isaatiif in cuuphama. Maaltu ta`e? yeroo wangeela dhaga`ee gara qabxii amanuutti dhufe, isa hafeef rakinni hin jiru, sababni isaa Gooftaaf abboomamuuf ajaja isaa raawwachuudhaaf qophii dha jechuudha. Kanaaf wanti hundinuu Amanuu fi amanuu dhiisuu isaa irratti murtaa`a.

Hojii Ergamootaa 2 irratti kan dubbifnu garee warra hin amannee argina, gariin jara kana garee warra isa fannisaniiti. Pheexroos fi Warri kaanis Wangeela lallabaniif, Kristoos akkamittiin akka ilma Waaqayyoo ta`e itti agarsiisan erga kana dhagaa`anii booda gaaffii dhiessan, gaaffichis “Maal goonu ree? (Hojii Ergamoota 2:37), karaa biraatiin amma jarri kun amantii isaanii hojiitti jijjiiruuf qophaa`oo waan ta`aniif lubbuun kumni sadii fayyan (Hojii Ergamootaa 2:41). Caaffanni qulqulluunwaan nutti himu, Filiiphoos Samaariyaa dhaqee Wangeela warra hin amaniiniif lallabe, isaanis in Cuuphaman (Hojii Ergamootaa 8:12). Yeroo Filiiphos Namicha Xu`aashii sanaaf wangeela lallabeef, waan godhuu qabu itti himnaan innis raawwatee gammachuudhaan karaa isaa itti fufe (Hojii Ergamootaa 8:26-39). Hojii ergamootaa 16 irratti seenaa Phaauloosii fi Silaas waan isaan Eegduu mana hidhaa sanatti himan , Akka inni amanee fayyu itti himan. Inni nama hin amaniniidha., dubbii Waaqayyo isaa fi maatii isaatti lallaban, akka caaffanni nutti himutti halkanuma sana fuudhee dhaqee madaa isaanii dhiqe inni yaada garaa geeddaratanii innii fi maatiin isaa cuuphamanii fayyan (Hojii Ergamootaa 16:30-33). Kan biraas akkuma kanatti fayyinni tartiiban deema.

Dhuma irratti caaffanni akka barsiisutti Amantiin tokko (Efeesoon 4:5). Macaafnis tokko, kanaaf yoo kana fudhanne, itti amanne, amanitin keenya gara waan armaa olitti godhameetti nu geessa, gooftaaf abboomamuu fi amanamaa taanee jiraachuutti nu fida.

## **GAAFFILEE**

1. Amanitin maali?
2. Amanitin barbaachisaa dhaa? Amma eessaatti?
3. Ibroota 11:6, dubbisiiti ibsi.

4. Namni tokko maaliif Waaqayyotti amana?
5. Waaqayyo jira jedhanii amanuu qofti gahaa dhaa?
6. Mee luqqistoota hamma ta'e Yesuus Kristoositti akka amannu kan himu caafi.
7. Warra Kristoos itti hin amanne caaffanni waa'ee isaanii maal jedha?
8. Kristoositti amanuun amma maaliitti?
9. Sammuu duwwaadhaan Kristoos ilma Waaqayyo ta'uu amanuun in gaha?

Yoo gahuu baate, maaliifi?

10. Kristoositti amanuu kan cimsu luqqistoota amma tokko himi.
11. Miseensi dhaaba amantaa hundi fayyaniiru?
12. Amantii duwwaa jechuun maal jechuudha?
13. Yaaqoob 2 dubbisiiti balli'naan irratti mari'adhu
14. Yohaannis 3:16, amantii qofa barsiisaa?
15. Tokkoo tokkoon namaa erga Kristoositti amanee booda maal gochuu qaba?
16. Amantiidhaan qajeeltota taanaa?
17. Amantii akkamiiti kan Macaafni qulqulluun barsiisu?
18. Amantii keenya akkamitti ibsina?
19. Amanitin akkamitti dhufa?
20. Amanitin gara maaliitti nama geessa?
21. Amanitin abboommi gooftaa gaaffi keessa galchaa?
22. Maarqoos 16:16, barreessi
23. Kana hundumaa irratti barumsi kun maal irraa baratte?
24. Namoonni erga amananii booda maal gochuu qaban?
25. Amantii meeqatu jira?
26. Amanitin keenya maal akka gonu nu geggeessa?

## **BARUMSA TORBA**

### **CUBBUU IRRAA YAADA GARAA GEEDDARACHUU**

Abboommiin Wangeelaa kan biraan yaada garaa geeddarachhuudha. Garuu yaada garaa geeddarachuunii fi walitti dhufeenyi inni du'uu, Awwaalamuu fi du'aa ka'uu Kristoosii wajjin qabu maali? Kana kan ittiin jalqabnu Yaada garaa geeddarachuu jechuun, Deebi'uu, kallattii biraatiin deemuuf, jijjiiruuf, wantoota hamaa fi dogoggora ta'an sana hojjechuu dhiisuuf. Yesuus seenaa yeroo tokko ta'e kan waan jechaa jirru kana deggaru nutti hima. Yesuus amma immoo "Waa'ee isa ani isinitti himuuf jedhu kanaa maal yaaddu? Namni ilmaan lama qabu tokko ture, Innis ilma isaa isa tokko bira dhaqee ` Yaa ilma koo, dhaqiitii hara'a dhaaba wayinii keessa hojjedhu` jedheen. Ilmi isaa sun immoo `Anoo hin dhaqu` jedhee deebiseef, ergasii garuu gaabbee dhaqe. Namichi ergasii ilma isa kaan bira dhaqee isuma ilma isaa tok-

kotti dubbate itti hime, inni immoo `Tole yaa abbaayyee ko` jedhe garuu hin dhaqne. Isaan lamaan keessaa isa kam inni jaalala abbaa isaatii godhe?” jedheen jarri immoo “Isa duraa ti” jedhanii deebisan. Yommus Yesuus “Ani dhuguman isinitti hima, warri jal`isanii qaraxa fuudhanii fi gaalamootonni isin dura mootummaa Waaqayyootti in galu Yommuu Yohaannis cuuphaan qajeelummaa isin barsiisuu dhufe, isin isa hin amanne qaraxxoonnii fi gaalamootonni garuu isa in amanan isin immoo erguma kana argitanii booddee iyyuu gaabbitanii isa hin amanne” isaaniin jedhe” (Maatewos 21:28-32)., akka walitti dhufeenya du`uu awwaalamuu fi du`aa ka`uu Kristoos, yeroo namni tokko cubbuu isaa irraa deebi`u du`a gooftaaf fakkeenya. Kanaaf fakkeenya lamaan keessatti, qalbii diddiirrachuun maaliif baayy`ee barbaachisaa akka ta`e hubachuu dandeenya.

Namni cubbamaa ta`uu isaa beekuu (Roomaa 3:23), beenyaan cubbuu immoo du`a, (Roomaa 6:23), Kristoos namni tokko yaada garaa Qalbii diddiirrachuu ykn baduu jedhee barsiise (Luuqaas 13:3). Kana irratti cimsuudhaan, ammas yaada kana (Luuqaas 13:5) irratti dubbateera. Karaa biraatiin kan inni jedhe, namni tokko yoo yaada garaa geeddarachuu baate, ykn waan isa balleessu sana irraa yoo deebi`uu baate, in bada jechuu isaati. Dabalees akkas jedhe “Akkuma kanatti warri irraa qajeeltota sagaltamii sagal yaada garaa geeddarachuun isaan hin barbaachifne irra caalaa, cubbamaa yaada garaa isaa geeddaratee gara Waaqayyootti deebi`u tokkotti akka gammadan sinittan hima” jedhe (Luuqaas 15:7).

Haa ta`u malee yaada garaa geeddarachuun cubbuu ofiitti gadduu qofa akka hin taane beekuu qabna. Namni dhuunfaa tokko qabamee mana hidhatti galuu isaati gadduu dandaa`a, garuu waan hojjeteef gadde utuu hin taane, bu`aa gocha isaa kaffaluun diqama ta`uu isaa qofaaf gadde ta`uu danda`a. kuni gaabbii miti. Phaauloos kana akkasitti hima “Akka Waaqayyo biratti fudhatamutti gadduun, yaada garaa geeddarachuu fida inni immoo gara fayyinaatti geessa malee nama hin gaabbisiisu, akka biyya lafaa keessatti fudhatamutti gadduun garuu du`a fida” ( 2 Qoroontoos 7:10). Gaabbiin Waaqayyo gara yaada geeddarannaatti nama fida.

Eenyu kan yaada garaa geeddarachuu qabu? Phaauloos lallaba isaa “Bara Wal-laalummaa isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa`uu dhiiseera, amma garuu namni hundinuu iddoo hundumaatti yaada garaa isaa akka geeddaratu abboomeera” jedhe (Hojii Ergamootaa 17:30). Akka caaffata kanaatti gooftaan namni hundinuu iddoo hundumaatti yaada garaa geeddaratee cubbuu isaa irraa akka deebi`u barbaada. Akkasuma Waaqayyo yeroo tokko tokko sababii wallaalummaatiin wantoota tokko tokko bira darbuu akka danda`u hubadhu. Garuu Waaqayyo cubbuu kamiyyuu wal-laalummaadhaan raawwatamuu fi dhiisuu isaa utuu hin ilaaliin, kana booda erga beekanii booda akka hin obsine akka hin dhiifne ifa godha. Akkasitti Pheexroosis ak-

kas jedhee dubbate “Gooftaan wanta abdachiise raawwachuudhaaf hin seesu, akka namoonni tokko seesutti isa lakkaa`an miti. Inni, namoonni hundinuu yaada garaa isaanii akka geeddaratan malee, garri tokko iyyuu akka badan waan hin barbaanneef obsaan isiniif in danda`a” (2 Pheexroos 3:9).

Hundumtuu gara yaada garaa geeddarannaatti waamuun, akka beekamutti caaffanni akka jedhutti namoota cuubbamoodha. Kun garuu daa`ima ykn ijoollee xixiqqoo hin dabalatu. Sababni isaa mootummaan Waaqayyoo warra akka isaanii cubbuu hin qabneefi (Maatewos 18:1-3). Kana irra yaada garaa geeddarannaan kan maluuf warra gahaa ta`anii waa`ee cubbuu beekanii, waa`ee cubbuu isaanii hojii isaanii isa gaarii hin taane beekanii isa irraa deebi`uuf barbaadanii dha. warri kana godhuu qaban warra sadarkaa ykn umurii itti gaafatamaa irra jiranii dha.

Amma yeroo gara Hojii Ergamootaa 2 itti deebinu Pheexroosii fi Ergamoonni kaanis guyyaa ayyaana shantammaffaa pheexxee namootaaf wangeela lallabuu isaanii dubbifna, warri isaan lallabaniif keessa warri Yesuusinn fannisan illee keessa jiru, jarri kun lallaba sana dhagaa`anii waan godhuu qaban gaafatan, Pheexroosis “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kristoositti cuuphamaa, dhiifama cubbuu in argattu kennaa hafuura qulqulluus in fudhattu” jedhe. (Hojii Ergamootaa 2:38)., yeroo biraas tajaajila biraa irratti akkas jedhe, “Egaa Yaada garaa keessanii, inni cubbuu keessan akka isiniif haxaa`utti gara Waaqayyootti deebi`aa” jedhe (Hojii Ergamootaa 3:19).

Luqqistoota kana irraa ragaan argamu, yaada garaa geeddarachuun abboomii wangeelaa ta`uu isaati. Kana jechuun namoonni hundinuu cubbuu isaanii irraa deebi`anii, akka dhiifamuuf yoo barbaadan gara yaada garaa geeddarannaatti dhufuu akka barbaachisu hima., karaa biraa namni tokko utuu yaada garaa hin geeddaratin, fayyuus ta`e mootummaa Waaqayyootti galuu hin danda`u. haala bareedaa nama gaarii ta`uun gahaa miti. Wanti tokko illee gara fayyinaatti nama geessuuf isa gooftaan abboome iddoo bu`eek an hojjetu hin jiru.

Ammas gara Macaafa Hojii Ergamootaatti yeroo ballifnee ibsinu, amantaan tokko tokko yaada garaa geeddarchuun hin barbaachisu kan jedhaniif, fakkeenyaaf Hojii Ergamootaa 16, irratti Phaauloosii fi Siilaas eegduu mana hidhaa fi maatii isaatiif wangeela lallaban, achii booda namni sun fuudhee madaa isaanii dhiqeef. Kun egaa yaada garaa geeddarannaa ta`uu yoo baate maal ta`uu danda`a ree? Hojii Ergamootaa 9, irratti gooftaan Saa`olitti mulla`ate, namni kun Kristiaanota ari`ataa ture, achii booda amane wangeelaaf abboomamee, isa Hadhaa`insaan mormaa ture Kristoosiin fannifamuu isaa lallabuu jalqabe. Kun egaa yaada garaa geeddarachuu mitii?

Namni tokko wangeelaaf yeroo abboomamu, jijjiirama garaa, amantiidhaan kan dhufu jijjiirama jireenyaa, yaada garaa geeddarannaas dabalateeti, kunis jijjiira-

ma biyyafis kan ta`uudha, kunis bu`aa cuuphaadhaan abboomamaniiti jedhe. Yaada garaa geeddarachuu fi Kristoosiif abboomamuun cubbuun nama Sanaa in dhiifamaaf. Uumama haaraa ta`a. (2 Qoroontoos 5:17) Karaa Kristoos ilmoo Waaqayyooti (Galaatiyaa 3:26,27). Erga kana hundumaa godhee waan Kanaan dura godhaa ture kana booda hin godhu, addunyaa kana keessatti eebbi kana fakkaatu hin jiru.

Namni tokko erga Kristiyaana ta`e booddee yeroo inni ammas yaada garaa geeddaratu jira. Kristiyaana jechuun Qulqulluu mudaa hin qabne jechuu miti. Kristiyaanni amanamaan illee in dogoggora. Warri beekaa cubbuu hojjetanii kufan cubbuu isaanii himatanii kadhannaadhaa Waaqayyoon dhiifama gaafachuu qabu. (Yaaqoob 5:16, Hojii Ergamootaa 8:22), kana ta`uu baannaan in badu.

Garuu warra Kristiyaana hin ta`inii fi Miseensa Waldaa Kristoos hin ta`in, isaan Kristoosiin dhaga`uu, isatti amanuu, cubbuu isaanii irraa yaada garaa geeddachuu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu, dhiifama cubbuu isaaniitiif Cuuphamuutu irraa eeggama. Tokkoo tokkoon abboommii kanaa barbaachisoo dha. Namni tokko kanneen caafamaniin ala karaa fayyinaa tokko illee hin argatu. Isaan keessaa tokko illee dhiisuun hin ta`uuf, akka yaada garaa geeddarannaa, jechuun namni tokko cubbuu isaa irraa, dogoggora isaa irraa, dogoggora amantaa isaa irraa Abdii kutatee irra deebi`uu kanatu jireenya isaa keessatti ta`a, achii booda abboomamuu isaatiin itti fufa. Kana booda yaada garaa geeddarachuudhaan abboommii gooftaaf ajajame jechuu danda`a.

## **GAAFFILEE**

1. Yaada garaa geeddarannaa ibsi.
2. Kuni du`uu Awwaalamuu fi du`aa ka`uu Kristoosii wajjin walitti dhufeenya maalii qaba?
3. Namni akkamitti ibsama?
4. Luuqaas 13:3, ibsi barreessi
5. Namni tokko yoo yaada garaa geeddarachuu baate maal ta`a?
6. Yeroo namni tokko yaada garaa geeddaratu eenyutu gammada?
7. Yaada garaa geeddarachuun gaabbii waan hojjetanii duwwaadhaan ibsamuu dandaa`a?
8. Gaabbii Waaqayyoo isa jedhu ibsi.
9. Eenyutu yaada garaa geeddarachuu qaba?
10. 2 Pheexroos 3:9, dubbisiiti ibsi
11. Daa`imni yaada geeddarannaan isaan ilaallataa?
12. Wangeelli eenyuuf ergame?
13. Hojii Ergamootaa 2:38 fi Hojii Ergamootaa 3:19, irratti mari`adhuu ibsi.

14. Yaada garaa geeddarachuun akka abboommii wangeelaati?
15. Namni tokko haalaa amala bareedaadhaan duwwaa mootummaa waaqaati galuu dandaa`aa?
16. Yaada garaa geeddarannaan Hojii ergamootaa 16 fi 9, irratti akkam akka ta`e ibsi.
17. Yaada garaa geeddarachuun jireenya namaa irratti akkamitti jijjiirama fida?
18. Namni tokko erga Kristiyaana ta`ee booda, yaada garaa yeroo geeddara-chuun barbaachisu jiraa?
19. Namni tokko utuu yaada garaa hin geeddaratin Wangeela Kristoosiif ab-boomamuu dandaa`a?

### **BARUMSA SADDEET**

### **KRISTOOSIIN DHUGAA BA`UU**

Abboommiin Wangeelaa inni tokko Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uudha. Jechi dhugaa ba`uu jedhu, Beeksisuu, labsuu, beekamtii kennuu, amantii Kanaan muli`suu jechuudha.kun egaa kan Gooftaan tokkoo tokkoo namoota ab-boomamanii irraa eeguudha. Namni tokko gara isa Caafamee dhaqee Kristoos ilma waaqayyoo ta`uu nan amana isa jedhu godhuu dha. Yoo kana godhuu dhaa baate, gooftaadhaa wangeelaaf abboomamuudhaaf qophaa`aa miti, Kanaan achi gooftaaf hin ajajamu.

Kristoos waan kana ilaalchisee barbaachisummaa isaa barsiiseera. “Itti fufees Yesuus, “Eenyu illee namoota duratti eenyu akkan ta`e dhugaa ba`ee yoo muli`ise, ani abbaa ko isa Waaqa irraa duratt dhugaa nan ba`aaf. Eenyu illee namoota duratti yoo na gane garuu, anis immoo abbaa ko isa Waaqa irra jiru duratti isa nan gana” jedhe` (Maatewos 10:32-33). Mee kanneen ilaalla:-

1. Hundumtuu Kristoosiin dhugaa ba`uuf Afeeramaniiru. Eenyuun akka ta`an, Eessa irraas akka ta`an rakkoo hin qabu.

2. Dhuga ba`insi kun, cubbuu ofii utuu hin taane Kristoossin ta`uu qaba.gooftaan hundumaa dura amanamummaa namaa barbaada, sana booda cubbuu namaa wajjin wajjin walqabata.

3. Dhuga ba`insi kun fuula namootaa duratti ta`uu qaba. waan kanaaf ragaan jiraachuu qabu. Yoo namni tokko dhugaan Kristoositti amane, inni immoo amantii inni isaaf qabu beeka.

4. Tokkoon tokkoon namaa kana gochuuf nama duratti akka ta`uu, innis abbaa isaa isa waaqa irra jiru duratti dhugaa ba`aaf. Mee eebba kana hubadhu, kabajaa inni si kabaju, yeroo ilmi Waaqayyoo abbaa isa samii irra jiru duratti maqaa kee waamee dhugaa siif ba`u. gooftaan maal gaafate? Salphaa dha, innis fuula namootaa duratti

dhugaa naaf ba`aa jedha.

5. Warri nama duratti isa ganani, isaanis abbaa isa duratti isaan ganamu. Garuu dhugaa ba`uu diduu isaaniif qofa miti, garuu, jireenya isaanii guutuu wajjin walqabatee eebba irraa hafu. Kunis eenyuun iyyuu yoo ta`an, eessaa iyyuu yoo dhufan warra isa ganani hundi isaan in ganamu.

Luqqisoota kana lameen keessatti waan baayyeetu jedhame gooftaan bifa lamaan iyyuu agarsiiseera. Isaanis eebba warri isa dhugaa ba`an argatanii fi bu`aa warri isa gana argatani, ibseera. Kun akkuma jirutti ta`ee kana keessaa namoonni kan isaaniif caalu akka filataniif namootaaf dhiiseera.

Warri isa dhugaa hin bane hoo maali? Yohaanni akkas jedha, “Warri nama wallaalchisan, Yesuus Kristoos fooniin dhufuu isaa amananii warri hin beeksifne, baayyeen gara biyyatti ba`aniiru, inni nama Wallaalchisu, inni Kristoosiin mormus isa akkasii” jedha (2 Yohaannis 7). Kristoosiin dhugaa ba`uu Phauloosis akkas jedha, “Arrabni hundinuus, ulfina Waaqayyo abbaatiif Yesuus Kristoos gooftaa akka ta`e beeksisuuf jiru” (Filiphisiyyus 2:11).

Itti aa`ansee, kan ilaallu dhuga ba`insi kun afaan duwwaadhaan miti, garuu fayyinaafisi malee, “Yesuus gooftaa akka ta`e afaan keetiin yoo beeksifte, Waaqayyo du`aa akka isa kaase immoo garaa keetti yoo amante fayyina bara baraa in argatta. Namni garaa isaatti amanee qajeelaa ta`a, afaan isaatiinis beeksisee in fayya” (Roomaa 10:9-10). Kanas namoonni kan kana garmalee dogoggoraan hiikkatan jiru, isaanis luqqisa kana irratti xiyyeeffatanii Kanaan namni tokko yoo gooftaa afaan isaatiin dhugaa ba`e in fayya kunis gahaa dha jedhu. Garuu Amantiin hoo? Garuu dhuga ba`insi kakuu amantiin irratti hundaa`a. achii yaada garaa geeddarachuun ho? As irratti waa`een yaada garaa geeddarachuun hin dubbatamne. kanaaf iyyuu warri kana jedhan karaa salphaa barbaaduuf waan baayy`ee bira drbuu jedhan. Garuu luqqisni itti aa`anu kan mulli`isu akkamitti dhugaa`aa ba`uu Kristoosii fi amantiin gara akeeka fayyinaatti nama geessuudha. Inni duraa namni kan mulli`su namni tokko akkamitti garaa dhaan amana, namni kun qulullaa`uuf ykn fayyuufi, jechuunis gara fayyuutti deemaa jira male fayyeera mit. Lammaffaan afaaniin dubbachuun fayyinaaf ta`uu isaa himeera dhuga ba`insi as irratti himame kun Yesuus Ilma Waaqayyoo ta`uu isaa fi na fayyisa jechuudha malee na fayyiseera jechuu miti. Addaa addummaa guddaatu jira. Yesuus ilma Waaqayyooti jechuu qofti fayyinaaf gahaa miti, kana booda wantoonni inni guutuu qabu jiru.

Dhuma irratti namni tokko cuuphamuuf buu`uura mijataa akka ta`uuf dhuga ba`iinsi kan godhameef fakkeenya caaffataa qabna. “Ergasii ergamaan Waaqayyoo Filiphosiin “Ka`ii, waaretti gara mirgaa gara karaa onaa, isa Yeruusaaleemii Gaazaatti geessu dhaqi” jedhe. Filiphos yommus ka`ee dhaqe. Kunoo namichi Xu`ashiin tokko

itti dhufe namichi kun qabeenya “Kandaakee” mootittii warra Itoophiyaa hundumaa irratti abboomaa ture, Inni Waaqayyoo sagaduudhaaf Yerusaleem dhagee ture. Utuu achii galuus konkolaataa kotte duudaadhaan harkifamu irra taa’ee macaafa raajicha Isaayyaas dubbisaa adeema. Hafuurri qulqulluun yommu Filiiphoosiin “Konkolaataa kanatti dhihaadhuutii isa duukkaa adeemi” jedhe. Filiiphoosis Konkolaataa kanatti fiigee namicha macaafa Isaayyaas dubbisu kana dhaga’e “Waan dubbisuutti jirtu kana in hubattaa?” jedhee isa gaafate. Namichi immoo “Utuu namni anaaf hin ibsin attamittan hubachuu dandaa’a?” jedhee deebisee, akka Filiiphoos konkolaataa yaabee isa bukkee taa’ufis kadhate. Dubbiin macaafa inni dubbisaa ture, “Inni akka hoolaa qalamuudhaaf geeffame, akka ilmoon hoolaa, namni rifeensa ishee yommuu muru, sagalee ishee hin hin dhageessifne, akkasuma innis afaan isaa hin saaqqatu. Nama gad deebi’aa waan ta’eef, dhugaan isaa hin ilaalamne, hidda dhala dhala isaaseenyutu hima ree? Jireenyi isaa lafa irraa in fuudhama” kan jedhu ture. Namich Itoophiyaa sun yommu Filiiphoosiin “Raajichi waa’ee eenyuutiif kana dubbata? Hadaraa anatti himi waa’ee ofii isaati moo yookiis waa’ee nama biraati?” jedhee gaafate. Filiiphoos kutaa macaafa kanaatii jalqabee, Waa’ee Yesuus misiraachoo itti himuutti ka’e. utumaa karaa deemanii bishaan tokko bira gahan, namichi immoo Filiiphoosiin “Bishaan kunoo ti, akka ani hin Cuuphamneef maaltu na dhowwa?” jedhe. Filiiphoos yommu “Garaa kee hundumaan yoo amanteef, siif in dandaa’ama” jedheen. Kana irratti inni Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo akka ta’e nan amana” jedhe. Namichi immoo konkolaataa akka dhaabbatuuf abboomee, Filiiphoosii fi namichi bishaan keessa lixanii, Filiiphoos isa in cuuphe. Bishaanicha keessaa yommuu ba’an hafuurri gooftaa Filiiphoosiin butee, fudhatee adeeme, namichi deebi’ee isa hin argine, haa ta’u iyyuu malee karaa isaa itti fufe gammadaa adeeme” (Hojii Ergamootaa 8:26-39). Amma egaa wanti kun ifa nuuf godha. Filiiphoos namicha kana waa’ee Kristoosii fi waan namni kun gochuu qabu akka itti abboomamuu qabu isa barsiise akkuma barateen namich fedhii Gooftaa kan guutuuf murteesse, garuu mee yaadadhu cuuphamuu isaan dura akka inni Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo ta’e amanuu isaa baruu barbaada. Namichi Xu’aashiiinis deebisee dhugoomse, kana booda wanti hafu Filiiphoosiin cuuphamuu ture.

Egaa hundumti waa’ee dhuga ba’insaa ilaallatu fakkeenya kana irratti hundaa’a, namni tokko utuu hin cuuphaminiin dura Kristoosiin dhugaa ba’uu akka qabu, namoota Yesuus Kristoos Ilma Waaqayyoo ta’uu isaa akka amanee dubbatu gaafachuu qabna., yoo namni sun Eeyye yoo jedhe, kana booda dhugumatti cuuphaatti seenuu qabna.

Dhuga ba’insi kun yeroo baayy’ee dhuga ba’insa gaarii jedhamee waamama dhugumatti iyyuu dhuga ba’insi kam iyyuu gaarii yoo jedhame dhuga ba’insi inni

kun isa gaarii dha.

Egaa maal qabna? Namni tokko fayyuuf, wangeela dhaga`uu qaba, Aman-uu qaba, cubbuu isaa irraa yaada garaa geeddarachuu qaba, Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu qaba, achii booda dhugaadhaan dhiifamuu cubbuu isaatiitiif cuuphamuu qaba. dhugaa ba`umsi Kristoos abboommii wangeelaa fayyinaa keessaa isa tokkoodha. Garuu dhuga ba`insi duwwaan fayyisuu hin danda`u, garuu dhuga ba`insa malees hin ta`u.hundumtuu barbaachisaa fi human qabeessa kan ta`u yoo iddoo gooftaan kaa`e taa`e duwwaadha.

## **GAAFFILEE**

1. Jecha dhuga ba`insa jedhu ibsi
2. Namni tokko ilma Waaqayyoo ta`uudhaaf maal dhugaa ba`uu qaba?
3. Maatewos 10:32, 33, dubbisii irratti mari`adhu.
4. Kristoosiin dhugaa ba`uuf eenyufaatu afeerama?
5. Dhuga ba`insi eenyu irratti dhaabbata?
6. Gooftaan akka bu`aatti maal godha?
7. Warra Kristoosiin dhugaa hin bane maaltu ta`a?
8. Dhuga ba`insi akkamitti ta`a?
9. Dhuga ba`insi fayyinaa fi mo gara fayyinaati?
10. Filiiphoos namicha Xu`aashii utuu hin cuuphin dura maal gaafate?
11. Yoom dhugaa ba`e? maal dhugaa ba`e?
12. Dhuga ba`insi kun maaliif barbaachise?
13. Harra`as akkuma kanatti dhuga ba`insaan warra cuuphami irraa eegna?

Maalifi?

14. Dhuga ba`insi yeroo baayyee maal jedhamee waamama?
15. Akeeka fayyinaa ibsi.

## **BARUMSA SAGAL**

### **CUUPHAA DHIIFAMA CUBBUU**

Baroota keessatti dhimmoota yeroo hundumaa to`annoo qabanii fi namoota wal mormisiisan keessaa tokko waa`ee cuuphaati. Ta`us dhimma macaafa qulqulluu waan ta`eef ajaja wangeelaa keessaa isa tokkoodha. Ajajoota biroo caalaa barbaachisaa miti, garuu yeroo wal fakkaatutti akkuma warra kaanii barbaachisaa dha. Ajajni tokko duwwaan kan nama fayyisu hin jiru, garuu fayyina tokkoon tokkoon isaanii barbaadan kan fidu ajaja walitti hundaa walitti qabameeti.

Barumsa kana keessatti hamma dandeenye waa`ee cuuphaa barachuu barbaana. Hiikkaa isa ibsuuf yaalla. Kunis baayy`ee salphaadha. Jechi cuuphaa ingiliffaan

Baptisim kan jedhu yeroo ta`u, jechi kun jecha Griikii “Baptizo” kan jedhu irraa dhufe, hiikni isaas cuuphamuu, liqimsamuu, bishaan keessa lixuu, awwaaluu liqimsuu, keessa dhokachuu kkf jechuudha. Caaffanni qulqullaa`oon jecha kana akkasitti deggara. “Yookiis nuyi warri Kristoos Yesuusitti dabalamuudhaaf cuuphamne, du`a isaattis dabalamuudhaaf akka cuuphamne in Wallaaltanii ree? Nuyi cuuphamuudhaan du`a isaatti isatti dabalamnee isaa wajjin awwaalamneerra, Kristoos human abbaa isa ulfina-qabeessaan warra du`an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jireenya haaraatti in jiraanna.” (Roomaa 6:3-4). “Cuuphaadhaan Kristoosii wajjin awwaalamtanii hojii aangoo Waaqayyoo isa warra du`an keessaa isa kaasetti amanuu keessaniin, innis immoo isaa wajjin du`aa kaafamtaniittu” (Qolosaayis 2:12). Garuu bishaan nama irratti facaasuu fi mataa irratti dhangalaasuun hoo? Isaan kunis gocha namootaati jedhamanii hojiiirraa ari`amuu qabu. Isaan kan jalqabaman shaakala cuuphaa iddoo buusuuf ture. Warri dubbii Waaqayyoo kabajan gonkumaa kana fudhachuu hin danda`an.

Itti aansee Macaafa qulqulluu keessatti cuuphaa addaa addaa dubbifna, gama biraatiin immoo Phauloos Efeesoon 4:5, irratti garuu Cuuphaa tokkicha, jedha. Bara kana isa kamitti hidhamee jira?

Yeroo gara Hojii Ergamootaa 8:26-39 itti deebinee dubbifnu, Waa`ee Filiiphoosii fi Namicha Xu`aashii Sanaa argina. Yeroo Filiiphoos waa`ee Kristoosii fi Jaalala isaa isa barsiise, namni sun gara cuuphaatti deeme, akka dubbiin jedhutti “Utuma karaa sana adeemanii, bishaan tokko bira ga`an, namichi immoo Filiiphoosiin “Bishaan kunoo ti, akka ani hin cuuphamneef maaltu na dhowwa? “jedhe. Filiiphos Yommus “Garaa kee hundumaan yoo amanteef, siif in dandaa`ama” jedheen; kana irratti inni “Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo akka ta`e nan amana” jedhee deebise, Namichi immoo konkolaatichi akka dhaabatuuf abboome; Filiphosii fi namichi bishaan keessa lixanii, Filiphos isa in Cuuphe. Bishaanicha keessaa yommuu ba`an hafuurri gooftaa Filiphosin butee, fudhatee adeeme. Namichi deebi`ee isa hin argine, haa ta`u iyyuu malee karaa isaa itti fufee gammadaa adeeme” (Hojii Ergamootaa 8:26-39). Amma mee waan xiqqoo ilaallu:-

1. Cuuphaan namich kun gooftaaf abboomamuuf isaatiif fiixee irra ga`ee dhufe.

2. Awwaalchaan ture, yeroo sanatti bishaan keessatti awwaalamuu isaatiif barreeffama kana qabna.

3. Garuu akka galmeen jedhutti bishaan keessa gadi bu`an kan jedhu Filiphosii fi namicha sana ilaallata waan ta`ee mormuun hin dandaa`amu. Sana booda qabxii gara manaattii geessuuf, erga cuuphamee booda lamaan isaanii bishaan keessaa akka ba`an dubbata, kana egaa eenyutu falmuu dandaa`a ree? Dhugumatti nama dubbii

gooftaa kana akka jirutti hin fudhannee yoo ta'e malee.

Gara Yohaannis itti yeroo deebinu immoo, barreeffamni akkas jedha. “Yesuus deebisee “Dhuguma dhuguman sitti hima, eenyu illee olii yoo dhalachuudhaabaate mootummaa Waaqayyootti ykn Waldaa Kristoos arguu hin danda'u” jedhe. Niqoodemos immoo “Namni erga qancaree attamitti dhalachuu danda'a? gadameessa haadha isaatti lammaffaa galee, dhalachuu danda'a moo?” jedhee Yesuusiin gaafate, Yesuus deebisee “Dhuguma dhuguman sitti hima, eenyu illee bishaanii fi hafuura qulqulluuttii yoo dhalachuudhaa baate mootummaa Waaqayyootti {Waldaa Kristoositti} galuu hin danda'u” ittiin jedhe. (Yohaannis 3:3-5). Egaa kun qqoda cuuphaan bishaanii fayyinaaf qabu mitii ree? Kuni salphaa dha cuuphaa kan ilaallatu yoo ta'u sirriitti waan ilaalamaa jiruu dha. Namni tokko akkuma hafuurri karaa sagalee Waaqayyoo isa qajeelchu gocha cuuphaatiin lammata dhalata. (1 Pheexroos 1:21). Kun egaa akka luqqistoota 1 Qoroontoos 12:13, Roomaa 6:3,4 fii kanneen biro, gochi cuuphaa kun nama kana Waldaa gooftaatti ykn mootummaa waaqayyootti akka galchu nutti himu.

Kana malees Phauloos: “Waaqayyo hojii nuyi qajeelummaadhaan hojjenneef utuu hin ta'in, akka araara isaatiitti dhiqannaa lammaffaa dhalachuutiin haareessuu hafuura qulqulluutiinis nu fayyise” (Tiitii 3:5). Dhiqannaa haareessuu hafuuraa kan jedhu kun bishaaniin cuuphamuudha, dhugumatti kan inni dubbatu kana.kanaaf iyyuu cuuphaan Awwaalamuudhaani, innis bishaan keessatti awwaalamuudha,, innis cuuphaa tokkicha caaffata qulqullaa'oo keessatti caafameedha.

Waa'ee barbaachisummaa cuuphaa caaffata qulqullaa'oo keessatti gocha isaas in argina. Fakkeenya, inni in fayyisa, “Kunis fakkeenya cuuphaa isa isin amma ittiin ooltanii ti cuuphaan waan ittiin karaa du'aa Yesuus Kristoos, yaada garaa namaa hin ceephaane argachuudhaaf Waaqayyotti, himatanii dha malee waan ittiin xurii dhag-naa dhiqatan miti” (1 Pheexroos 3:21). Pheexroos cuuphaa duwwaatu fayyisa jechaa hin jiru, garuu warroota barbaacisanii wajjin fayyisaa dha. Kristoosis akkas jedha “Kan Amane kan cuuphames in fayya kan hin amanne garuu itti faradama” jedha (Maarqos 16:16). Cuuphaan yoom fayyisa? Yeroo namni tokko amanee achi booda cuuphamee fayya. Kana ganuu jechuun Kristoosiin ganuu jechuudha.

Itti fufuudhaan cuuphaan dhiifamuu cubbuutiifi, “Pheexroos debisee, yaada garaa keessanii geeddaradhaa, maqaa Yesuus Kristoosiin cuuphamaa dhiifama cubbuus in argattu, kennaa hafuura qulqulluus in fudhattu” jedhe (Hojii Ergamootaa 2:38). Saa'olis kan itti himame akka cuuphamee cubbuun isaa irraa dhiqamuudha. Dhageeffadhu, “Maaliif lafa irra arkifta ree? Ka'ii maqaa gooftaa waammadhuu cuuphami, cubbuu kees of irraa dhiqi” jedheen (Hojii Ergamootaa 22:16). Dabalatanis cuuphaan abboommii gooftaati, “Isaan maqaa Yesuus Kristoosiin akka cuupha-

man abboome” (Hojii Ergamootaa 10:48).

Fayyina, dhiifama cubbuu, fi kkf irraa kan hafe, namni tokko dhiiga Kristoosiin kan wal qunnamu abbaamamuu kanaai, kunis qabatamaan dhiifama cubbuu akka argatu kan taasisuudha. Maatewos 26:28 irratti Kristoos dhiigni isaa dhiifamuu cubbuu ilmaan namaatiif akka dhangala`e dubbata. Pheexroosis guyyaa Ayyaana shantammaffaa kan jedhe namni dhiifama cubbuu argachuu barbaadu, yaada garaa geeddaratee cuuphamuu dhaan, kunis namni tokko yeroo kana godhu dhiiga Yesuus Kristoosii wajjin wal qunnama, kana keessaan dhiifamuu cubbuu isaatiitu ta`a., akkasuma Efeesoon 1:7, Qolosaayis 1:4, kan nutti himame, dhiiga Kristoosiin dhiifama cubbuu argachuu keenya hubanna, garuu Saa`ol immoo kan itti himame, cuuphamuudhaan cubbuun isaa akka dhiqamuudha, akka dhiifamuufiidha, kanaaf Isaaf cuuphamuun barbaachisaa ture. Kun egaa waan ifa ta`eedha cuuphamuudhaan dhiiga Kristoosiin akka cubbuun dhiqamu, deebi`ee Roomaan 6 irratti immoo kan nutti himame kan cuuphamne du`aa Kristoos keessatti, kana jechuun abboomamuu Kristoosiif abboomamneen, bu`aa du`a Kristoos keessaa argamu arganne, inni dhiifamuu cubbuuti.

Ammas kan nutti himame cuuphamuu keessan Kristoositti dabalamnee, jedha.”Amantiidhaan isin hundumti keessan karaa Kristoos Yesuus ilmaan Waaqayyooti. Warri Kristoositti dabalamuudhaaf cuuphaman Kristoosiin akka uffataatti uffataniittu” jedha (Galaatiyaa 3:26,27)

Wanti Jala sararamuu qabu Cuuphaan duwwaan nama hin fayyisu, hin fayyifnes, garuu Cuuphaa malee immoo eenyu illee fayyuu hin danda`u. Caaffata qulqulluu keessatti iddoo tokko itti illee namni tokko dura fayyee ergasii cuuphame kan jedhu hin dubbifamu hin jiru. Hundumti namaa iyyuu Cuuphaan maal akka ta`ee fi Akeeka maalii akka inni qabu beekuu qaba. amma namni tokko darzan tokko yeroo kudha lama cuuphameera ta`uu danda`a, garuu karaa sirrii fi akeeka sirriitiif hin cuuphamne yoo ta`e, inni hin fayyines. Macaafa qulqulluu keessa cuuphaa tokkotu jira, isheenis cuuphaa bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuuti, isheenis cuuphaa Waldaa Kristoos ishee macaafa qulqulluu keessatti dubbifnetti kan nama sana akka dabalamu gootuu dha. Kana ta`uu baannaan qoosaa dha malee waan biraa miti.

Garuu cuuphaan yoom nama fayyisa? Yeroo namni tokko wangeela Kristoos isa qulqulluu sana dhaga`uu dha, ittis amanuu dha, dhugaadhaan yaada garaa geeddaratuu dha, Kristoosiin ilma Waaqayyo ta`uu isaa dhugaa ba`uu dha, kana booda akka caaffata qulqullaa`oon ajajutti yeroo cuuphamuudha. Akkasittii fi akkasitti duwwaadha kan cuuphaan fayyisu.karaa biraatiin, kuni hojii maayyii abboomamuuti, innis Kristoosii ala kan ta`e Kristoos keessatti kan ittiin galuudha. Cuuphaan sadarka fayyinaa isa dhumaati, sadrakaa murteessaa,, sadarkaa isa gara Kristoosii fi Waldaa

isaatti dabaluu dha.

Dhuma irratti, cuuphaadhaan Kristoosii wajjin awwaalamanii, bishaan keessaas ka`uu isaatii wajjin ka`anii jireenya haaraadhaan deddeebi`uu dha., kanaa achi karaan biraa hin jiru. Roomaa 6 dubbisi.

### **GAAFFIILEE**

1. Macaafa qulqulluu keessatti to`annoo kan qabu, kan wal mormisiisu maali ? maaliifi ?
2. Cuuphaan abboommii wangeelaatii?
3. Abboommii jiran keessaa kaan irra baayy`ee barbaachisaa kan ta`e jiraa?
4. Abboommii fayyisu kan biraa jira?
5. Jecha cuuphaa jedhu ibsi.
6. Roomaa 6:3,4, fi Qolosaayis 2:12 maal barsiisu?
7. Maali bishaan nama irratti facaasuu fi dhangalaasuu jechuun?
8. Cuuphaa meeqatu jiru?
9. Cuuphaa tokkichi Macaafni qulqulluun jedhu kami?
10. Hojii Ergamootaa 8:26-39, dubbisii irratti mari`adhu
11. Namich Xu`aashiin sun maal keessatti awwaalame?
12. Yohaannis 3:3-5, awwaalamuu akkamitti barsiisa?
13. Maali dhiqatanii hafuura haareessuun?
14. Cuuphaan waan inni hojjetu ibsi.
15. Cuuphaan nama fayyisaa? Cuuphaan duwwaan nama fayyisaa?
16. Maarqoos 16:16 barreessi.
17. Namni tokko dhiifama cubbuu argachuuf maal gochuu qaba?
18. Cuuphaan abboomameeraa?
19. Namni tokko dhiiga Kristoosii wajjin walqunnamuuf akkamitti ta`aaf?
20. Maatewos 26:28 fi Hojii Ergamootaa 2:38 irratti mari`adhu.
21. Ammas Efeesoon 1:7 fi Hojii Ergamootaa 22:16, irratti mari`adhu
22. Du`a Kristoositti Cuuphamuu jechuun maal jechuuudha?
23. Karaa kamiin namni tokko Kristoositti gala?
24. Nama tokkoof karaa dogoggoraatiin bishaan keessatti awwaalamuun in dandaa`ama? Yoo ta`e maal gochuu qaba?
25. Yoomi kan cuuphaan nama fayyisu?
26. Akkamitti cuuphaan du`a Kristoosii fi du`aa ka`uu isaa fakkaachuu danda`a?

## **BARUMSA KUDHAN EEBBA WANGEELAA**

Dhugaa wangeelaa fi abboommii wangeelaa itti aa'aanee eebba Wangeelaatu jiru. Sirriidhumatti dhugaan wangeelaa amanamuudhaani, abboommiin wangeelaa ajajajamuudhaani, Eebbi wangeelaa immoo fudhachuu dhaani. Eebba kana warri fudhatan, warra dhugaa amananii, abboommiif ajajamantu fudhata. Phaauloos akkas jedha. “Waaqayyoo abbaa gooftaa keenyaa Yesuus Kristoos isa karaa Kristoos eebba hafuuraa hundumaan, waan waaqa irraatiinis nu eebbiseef galanin haa ta'u” (Efeesoon 1:3), dabalees warra Roomaatiif akkas jedhee caafe, “Yeroon dhufus, eebba Kristoos guutummaatti isiniif fidee akkan dhufu anuu beeka” (Roomaa 15:29).

Eebboonni wangeelaa maal faa dha? Isaan baayy'ee dha, nuyi garuu amma tokko ilaalla.

1. Wangeela Kristoositti kan abboomaman dhiifama cubbuu fudhatu. “Pheex-roos yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessann akka isiniif dhiifamuuf tokkoo tokkoon keessan maqaa Yesuus Kristoositti cuuphamaa, kennaa hafuura qulqulluus in fudhattu” (Hoji Ergamootaa 2:38), kun immo fayyina karaa biraa yeroo ibsu, (Maarqoos 16:16), ammas Lammata dhalachuu yeroo ibsu (Yohaannis 3:5). Akkam Dinqisiisaa fi namatti tolaa yeroo cubbuu namaa dhiqamee fi nama haaraa ta'anii jireenyaa haaraan adeemauun.

2. Wangeela keessaan Kristoositti dabalamuu. “Yookiis nuyi warri Kristoositti dabalamuudhaaf cuuphamne du'a isaattis dabalamuudhaaf akka cuuphamne in Wallaaltanii ree? (Roomaa 6:3), “Amantiidhaan isin hundumti keessan karaa Kristoos Yesuus ilamaan Waaqayyooti. Warri Kristoositti dabalamuudhaaf cuuphaman Kristoosiin akka uffataatti uffattaniittu” (Galaatiyaa 3:26-27), “Kanaafis namni kan Kristoos ta'e uumama haaraa dha, inni moofaan darbe, kunoo, inni haaraan dhu-feera” (2 Qorontos 5:17. Sababni isaa nuyi Kan Kristoos kanaaf eebbi hundumaa inni Kristoos kuusaa keessaa qabu kan keenya nutis kan isaati.

3. Wangeela abboomamuudhaan dhagna Kristoositti ykn Waldaa Kristiyaa-naatti seenna. 1 Qoroontoos 12:13 irratti Phaauloos dahgni Kristoos waldaa Kristoos ta'uu isaa nutti hima. (Qolosaayis 1:18; Efeesoon 1:22,23). Achiis akkanatti Hojii Cuuphaatiin isatti seenuu keenya nuuf ibsa. “Nuyi Yihudoonni, warri Yihudoota hin ta'inis, warri gabrummaa jala jiran, warri birmaduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaafhafuura tokkoon cuuphamneerra, nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafuurri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennameera” (1 Qorontos 12:13). Waldaan Kristiyaanaa hundeeffama guddaa biyya lafaa irra jiruu dha. Inni diigamuu baduus hin danda', garuu bara baraaf dhaabbatee jiraata. dhagna isaa ta'uun, mi-seensa waldaa Kristoos ta'uun, baayy'ee dinqisiisaa dha.

4. Nuti amma ijoollee Waaqayyooti, fi Kristiyaana. “Kristiyaana ta`uu isaatiif yoo dhiphate garuu hin yeella`in! maqaa Kristooiin waamamee isa hojjete sanaan Waaqyyoof ulfina haa kennu” (1 Pheexroos 4:16). Maaaliifi ? sababni isaa Maqaa Kristoos keessa fayyinatuu jira. “Fayyinnis Yesuus Kristoos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru, maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta`u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne” jedhe (Hojii Ergamootaa 4:12). Mee waa`ee kanaa hubadhu. Kristoositti amanuu fi barsiisa isaatti abboomamuu keenyaaf maqaa isaa akka uffannuuf nu kabajeera. Kunis eebba guddaa inni nu eebbise keessaa isa tokko.

5. Akka Kristiyaanaatti isa Waaqeffachuudhaaf mirga qabna. “Yeroon itti warri dhuguma sagadan, hafuuraa fi dhugaadhaan abbaadhaaf sagadan garuu in dhufa, innis ammuma iyyuu ga`eera. Abbaanis warra akkasitti isaaf sagadan in barbaada. Waaqayyo hafuura, warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagadun in ta`aaf” ittin jedhe. (Yohaannis 4:23-24). Akka sagaduudhaaf walitti qabamuu keenya hin dhiifneef akeekkachiifamneerra. “Akka jara tokkootti amala ta`e, nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu, guyyaan gooftaa dhihaachaa akka adeemu in argitu, kanaaf ittuma caalchifnee wal jajjabeessina” (Ibroota 10:25). Gooftaa waaqeffachuudhaaf torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa saba Waaqayyo wajjin walitti dhufuun carraa fi ulfina guddaa dha. Kana akka itti gaafatamaa ykn akka dirqamaatti utuu hin ta`in akka carraa addaatti ilaaluu qabna. Gooftaanis Keessummaa keenya kabajaa ta`ee akka nu biraatti argamu abdii kenneera. “Iddoo namoonni lama yookiis sadii maqaa kootiin walitti qabamanitti, ani achitti isaan gidduutti nan argama” jedhe (Maatewos 18:20).

6. Eebba gumiidhaan argamutu jira. Kana jechuun walga`ii sanaaf jechuudha. “Amantoonnis barsiisa ergamootaatti tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhata godachuuttis qabamanii jiraatan” (Hojii Ergamootaa 2:42). Akka Kristiyaanaatti nuti gargaarsaa fi wal jajjabeessuutu nu barbaachisa, kanas kan waliif goonu, gumii keenyaani. Kunis akeeka walitti qabamuu turban turban irraa ta`u keessaa isa tokko. Gumiin kun karaa waldaa keessaan, waaqeffaannaa akkasumas hojii waldaa keessaan kan argamu mataa isaatti eebba guddaa dha.

7. Mirga kadhataa qabna. Waaqayyo kadhata nama hundumaa hin dhaga`u. caaffannii qulqullaa`oon akka jedhutti “Waaqayyo warra cubbamootaaf akka hin dhageenye in beekna, nama isa sodaatuuf jaalala isaas isa raawwatuuf garuu in dhaga`a” (Yohaannis 9:31). Karaa biraatiin , kadhannaan Waaqayyoon akka abbaatti warra itti dhihaataniif murtaa`e, haa ta`u malee kadhannaan isaa gaaffiin isaa fdhatama akka argatuuf akka fedhii waaqayyooti kadhachuu qaba.”Akka fedha isaatti yoo isa kadhanne inni nuuf in dhaga`a, akka kanatti isa in amananna.” (1 Yohaannis 5:14). Barreessaan macaafa ibrootaas akkas jedha, “Amma garuu isaan biyya is asana irra wayyu hawwan in yaadu, innis isa waaqa irraati, kanaafis Waaqayyo, inni achitti

mandara isaaniif qopheesse, Waaqayyo isaanii jedhamee waamamuutti hin yeella`u” (Ibroota 11:16). As irratti waa`ee eebba guddaa kadhataa nutti himuutti jira. Gooftaa kadhacuudhaaf maalis yoo ta`e maal galateeffatoota ta`uu qabna. Akka ijoollee isaatiitti isaa wajjin haasa`uu qabnuu fi innis akka nuu wajjin dubbatu beeknee gaaffii keenya isatti geessuu qabna. Inni gara leefessaa ta`uu isaas hubachuu qabna.

8. Torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa, irbaata qulqulluu fudhachuudhaan ulfina isaatiif goona. Phaauloos akkas jedha “Xoofoo eebbaa isa eebbifannu irraa hirmaachuu keenya mitii ree? Buddeena isa cabsannu irraa hirmaachuu keenya, dhagna Kristoos irraa hirmaachuu keenya mitii ree? (1 Qorontos 10:16)., dhugumatti eebba hafuura isa guddaan tokko immoo du`a isaa yaadachuudhaaf dhagna isaa fi dhiiga isaa fudhanne fudhachuun sababa kanaatiif jaboo nu godheera.

9. Wangeela Kristoosiif abboomamnee kennaa hafuura qulqulluu fudhanneerra., gara Hojii Ergamootaa 2:38, yeroo dhaqnu, Pheexroos akka jedhu, yaada garaa geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf maqaa Yesuus Kristoositti cuuphamaa kennaa hafuura qulqulluus in fudhattu jedha,, kana egaa Waaqayyo, Kristoos, fi hafuurri qulqulluun nu keessa jiraatu,eebbi kana Caalu tokko illee hin jiru. Kanaa ol ulfina akkamiitu jira ree?

10. Gooftaadhaaf biyya lafaa kana irra jiraachuun, eebba bakka buutuu isaa ta`anii jiraachuutu jira. “Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjettan hundinuu maqaa gooftaa Yesuusiin haa ta`u, isumaanis Waaqayyo abbaadhaaf galata dhiheessaa” (Qolosaayis 3:17) Kristoosis akkas jedha, “Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa waaqayyoo fi qajeelummaa isaa barbaaduutti hidhaa ! kana malees kan barbaachisu hundinuu immoo isiniif in kennama” (Maatewos 6:33).

11. Namoota kaan karaa gooftaa barsiisuu keenyaa fi Gooftaan yeroo hundumaa nu wajjin ta`uu isaa beekuu keenyaaf gammachuu qabna. Eebba guddaa nuti warra kaaniif akkasumas guutuu biyya lafaatiif qabnuu barsiisa Kanaan gara Kristoositti afeeruun akka dinqisiisaa dha? Kana duwwaa miti, fedha gooftaa guutuudhaaf amma tattaaffii goonutti inni ammas ta`e yeroo hundumaa “isinii wajjin nan jira” jechuu isaa beekuun akkam nama jajjabeessa me. Dhaggeeffadhu, “Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa, Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa ! kunoo ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira” jedhe (Maatewos 28:19-20).

12. Dhuma irratti gooftaan gonfoo ulfinaa Jireenya bara baraa akka nuuf kennu abdii kenneera. Kunis amanamoota taanee abboommii isaa yoo eegneedha. “Warri uffata isaanii miiccatan haa gammadan Isaan muka jireenya namaaf kennu bira ga`uudhaaf aboo qabu, karra sanaanis mandarichatti ol in galu” (Mull`ata Yohaana-

nis 22:14) “Dhiphina isa sitti dhufuuf jiru hin sodaatin ! Kunoo seexaanni akka isin qoramtanii ilaalamtaniif, isin keessaa kaan mana hidhaatti akka galfamtan gochuuf jedha, guyyaa kudhaniif rakkina argachuuf jirtu, du`a yoo sitti fide iyyuu, ati hamma du`aatti amanamaa ta`i. ani immoo gonfoo ittiin jireenya argatan siifan kenna” (Mull`ata Yohaannis 2:10).

Amma egaa eenyu kan Gooftaan warra kan isaa ta`aniif hin dhimmu, hin yaa-du kan jedhu? Eenyu jireenya Kristiyaanaa jireenya gammachiisaa miti kan jedhu? Eenyu jireenya Kristiyaanaa homaa hinfidu kan jedhu? eenyu Kristiyaanni waan eeggatu hin qabu kan jedhu? Jireenya Kristiyaanaa jireenya ilmi namaa jiraatu irraa isa caalaa dha. Baayyee kan bu`aa qabuu dha, namni kristiyaana ta`e, cubbuu isaa kan irraa dhiqame, jireenya nagaa kan jiraatu, jiraachuudhaaf immoo waan abdatu waan eeggatu kan qabuu dha Kristiyaanni., inni hafuuraanis qabeenyaanis kan eebbifam-ee dha. Kun hundi kan jalqabe gaafa Wangeelaaf abboomame sanaadha. Kun egaa dhugumatti jalqaba jireenyaati. Kuni jalqaba eebba daangaa hin qabneeti.

### **GAAFFILEE**

1. Eebba wangeelaa kana gooftaan eenyuuf kenna?
2. Efeesoon 1:3 dubbisiiti irratti mar`adhu.
3. Namni tokko yeroo wangeela Kristoosiif abboomamu maal fudhata?
4. Namni tokko akkamitti Kristoositti gala?
5. Mee luqqistoota kana deggaran kenni.
6. Eebbonni hafuuraa eessa jiru?
7. Namni tokko karaa kamiin waldaa Kristoositti dabalama?
8. Dhagna Kristoos isa jedhu ibsi.
9. Maali hundeeffamni guddaan biyya lafaa keessa jiru? Maaliif guddaa ta`e?
10. 1 Pheexroos 4:16, barreessi
11. Fayyinni maqaa eenyuutiini?
12. Waaqayyo warra akkamitti waaqeffatu barbaada?
13. Nuyi akka walga`ii waaqeffannaa irra hin hafne maaliif akeekkachiifame?
14. Waaqeffannaa keenya irratti keessummaan ulfina qabu kan argamu eenyu?
15. Mee barbaachisummaa gumii ibsi.
16. Gooftaan kadhata cubbamootaa in dhaga`aa?
17. Kadhannaan mirga eenyuuti?
18. Akkamitti kadhachuu qabna?
19. Mee akeeka irbaata gooftaa ibsi.
20. Maali kan tokkoon tokkoon Kristiyaanaa fudhatan?
21. Jireenya keenya keessa dura kan ta`uu qabu eenyu?

22. Warra kaan barsiisuudhaaf karaa kamiin eebbifamne?
23. Gooftaan gonfoo jireenyaa eenyuuf kenna?
24. Kristiyaana ta`uun gatii nama Kaffalchiisaa?

## **BARUMSA KUDHA TOKKO WANGEELA LALLABUU**

Kristoos Akkas jedhe, “Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa. Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa ! Kunoo, ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira” isaaniin jedhe” (Maatewos 28:19-20)., iddoo biraattis, “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa ! Uumama hundumaattis wangeela lallabaa. Namni amane kan cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama” jedhe (Maarqos 16:15-16).

Luqqistoota kana keessaa mee maalummaa jechootaa ilaalla.

1. Yesuus ergamoota isaa akka dhaqaniif abboome.

Gooftaan akka dhaqan duwwaa itti hin himne, garuu eessa akka akka dhaqan itti hime. Akki jedheen, gara guutuu biyya lafaa, saba biyya lafaa hundumaaf, Uumama biyya lafaa hundumaaf. Kana jechuun hundumaafi, kan bira darbamu utuu hin jiraatin jechuudha. Bara sana, bara geejibni, hin jirre, bara meeshaa walqunnamtii illee hin jirre, bara wantoonni amma fayyadamnu hin jirre keessa abboommii akkasii abboome. Qajeelfama kana yeroo itti himu, dhugumatti yaada hindandaa`amu jedhu isaaniin hin gaafanne.

2. Yesuus ergamoota isaa dhaqanii akka lallabaniif abboome.

Yeroo akka lallaban isaan abboome ifa godhee waan isaan lallabuu qaban ibseeraaf. akka jedhe, Wangeela lallabuu qabdu jedhe, dhugumatti kana keessatti wanti isaaniif hin galle kan godhu tokko hin jiru, innis “Kan Amane Kan cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama” jedheera. (Maarqos 16:16)

3. Yesuus kan jedhe Ergamoonni warra waneelaaf abboomaman akka cuuphanii dha.

Amma duraan dursa Gooftaan ergamoota isaaf itti gaafatama biyya lafaa hundumaa dhaquu kennuufii isaa hubachuu qabna. Itti gaafatamni isaanii namoonni ykn warri kaanis wangeelaaf abboomamuu isaanii ilaaluuf utuu hin ta`in saba hundumaaf akka lallabauudha. garuu erga wangeelli lallabamee warri abboomamuu barbaadan jiru turan. Warra qophaa`an kana immoo akka cuuphaniif, innis sadarkaa fi akkaataa akkamiitiin akka cuuphanii fi akka cuuphaman itti hime. “Dhaqaa maqaa abbaatii fi ilmaatti kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphaatii” jedhe (Maatewos 28:19). Dabalataanis Gooftaan akka hin hubatamne hin goone.

4. Dhuma irratti Gooftaan kan barsiise, warri wangeelaaf abboomaman akka barsiisanii dha.

Abboommiin gooftaa, ergamoonni isaaa akka biyya lafaa hunda dhaqan, hundumaaf wangeela akka lallaban, warra abboomamuu barbaade immoo akka cuuphanii dha. But kun egaa erga ta'ee booda ammas itti gaafatama biraatu hafe, innis akka dubbiin jedhutti “Waan isin abboome hunda eeguu isaan barsiisaa, kunoo ani hamma dhuma baraatti isinii wajjin nan jira” jedhe (Maatewos 28:20) kana jechuun gooftaan waan duraa duubaa ta'uun qabu agarsiise jechuudha. Itti aa'ansees warri wangeela bu'uura isa jalqabaa abboomaman jireenya hafuuraatiin akka du'an utuu hin taane caalaatti baratani jireenya Kristiyaanummaa akka jiraatanii fi jireenya isaanii akka kristiyanaatti qajeelchuu akka beekan barsiifamuu yaadeera gooftaan, cuuphamuudhaan fayyina yeroodhaaf ta'e utuu hin ta'in, fayyina bara baraa akka ta'uuf, isan isin abboome eeguu isaan barsiisaa jedhe. kan biraa kan inni barbaade, jireenya Kristiyaanaa amanamummaa akka jiraataniif barumsa dabalataa barsiisaa jedhe.

Inni armaan olitti caqasame akka beekkamutti Abboommi wangeelaa ykn Ergaa guddaa jedhamee beekkama. Kunis Abboommi Wangeela lallabuu, biyya lafaa hundumaa waan ilaallatuu fi Ergaan isaas ergaa guddaa fayyina lubbuutiifis barbaachisaa waan ta'eefi. Garuu Gooftaan Ergaan guddaan kun akkamitti akka inni raawwatu akeeka isaa ilaalla. Yeroo Hojii Ergamootaa 1:8, itti deebinu, akeekni gooftaa sadarkaa Gii'o'graafitiin kan dubbatamee dha. “Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, human in godhattu, Yerusaaalemii, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma handaara lafaattis dhuga-baatu koo in taatu. Isaaniin jedhe” (Hojii Ergamootaa 1:8). Akka Macaafa Hojii Ergamootaa dubbifnetti wanti kun ta'eera. Mee caalaatti ilaalla.

### **1. Wangeelli lallabamuu Yerusaaalemitti jalqabe.**

Yeroo hojii Ergamootaa 1 fi 2 dubbifnu waan kana argina, Ergamoonni Yerusaaalem jiraachuu isaanii, guyyaan Pheenxee qoosxee dhufuu isaa, Yihudoonni addunyaa irraa guyyaa sana walitti qabamuu isaanii. Achii booda hafuurri qulqulluun ergamoota irra bu'ee, isaanis afaan jara achi jiru hundumaanis haasa'uu, yeroo jalqabaatiif wangeelli lallabamuu argina. Bu'aan lallaba kanaa guyyaa sanatti namni kumni sadii Cuuphamanii waldaatti dabalammuu isaanii dubbifna. Achi irraa ka'ee wangeelli biyya lafaa hundumaatti tamsa'uu jalqabe. Kunis ogummaa gooftaatiin wangeelli akkasitti lallabameera. Ogummaan isaa guyyaa sana biyya lafaa hunduma irraa namoonni achitti walitti qabamuunii fi guyyaa sana wangeelli lallabamuun, namoonni achitti argaman hundi yeroo biyya biyya isaaniitti galan oduu kana fuudhanii galanii odeessuun isaanii beekkamaa dha, akkasitti waliin ga'e gooftaan. Fakkeenyaaf warri Roomaa irraa keessummoonni jiraachuu isaanii dubbifneerra. Achii boodas

Phaauloos utuu Roomaa hin dhaqin dura iyyuu akka waldaan Kristiyaanaa jirtu in dubbifna, caaffata qulqullaa`oo keessatti Pheexroos ykn Ergamoonni biro Roomaa dhaquu isaanii wanti dubbatu hin jiru. Kanaaf iyyuu ibsi kanaa maalii dha ? ifaa ifatti wanti arguu dandeenyu warri gaafa Ayyaanaa Roomaa irraa dhufan sun biyya isaaniitti yeroo deebi`an uummata isaanii barsiisanii waldaan Kristiyaanaa achitti dhaabbachuu isaati.

## **2. Wangeelli guutummaa Yihudaatti lallabameera.**

Amma Yihudaan naannoo Yeruusaalem turte. Kana jechuun namoota naannoo sana jiraataniif wangeela lallabuun rakkoo hin qabu jechuudha. Kanaaf iyyuu guyyoota itti aa`anaaniif wangeella Yeruusaalemii fi Yihudaatti lallabame, achi irraas Du`a Isxifaanosii ilaalla. “Saul Ajjeefamuu Isxifaanositti walii galee ture, Kana irratti immoo guyyuma sana Waldaa amantoota Yeruusaalem keessa jirtu irratti ari`atu amuu guddaatu ka`e, ergamoota irraa kan hafe, amantoonni hundinuu kutaa biyya Yihudaatti bittinfaman” (Hojii Ergamootaa 8:1). Itti fufee kan dubbifnu warri bittinnaa`an kana ilaalchisee “Amantoonni warri bittinnaa`an biyya keessa naannaa`anii dubbicha in lallaban” (Hojii Ergamootaa 8:4). Kanaaf iyyuu Wangeelli guutuu Yihudaatti lallabameera.

## **3. Achii booda Wangeelli uummata Samaariyaa bira ga`e.**

“Filiphos gargaartota keessaa tokko, mandara Samaariyaa tokkotti gadi bu`ee namoota mandarichaatti Kristoosiin lalabe. Tuuti Jaraas gurra qeensanii dubbii Filiiphos dubbate dhaggeeffatan, Milikkita inni hojjetes in argan” (Hojii Ergamootaa 8:5,6). “Amma garuu namoonni kun, Filiiphos waa`ee mootummaa Waaqayyootii fi, Waa`ee maqaa Yesuus Kristoos misiraachoo yommuu isaanitti lallabe amananii, dhiironnis dubartoonnis in Cuuphaman” (Hojii Ergamootaa 8:12), achii booda yero Pheexroosii fi Yohaannis isaan daawwachuuf dhaqan, caaffanni akkas jedha “Ergamoonni sun Waa`ee Yesuus dhugaa ba`anii dubbii gooftaas dubbatanii, gandeen warra Samaariyaa baayy`eetti wangeela lallabaa Yeruusaalemitti deebi`an” (Hojii Ergamootaa 8:25)., kanaaf iyyuu Samaariyaan Akka Akeeka gooftaatti wangeelli lallabameef.

## **4. Dhuma irratti wangeelli biyya lafaa hundumaa ga`e.**

Achii wangeelli biyya lafaa hunduma walga`uu isaa mirkaneeffachuudhaaf, Paaul akkas jedha, “Haa ta`u iyyuu malee amantii keessatti hafuunhundee keessan irratti jabaattanii dhaabbachuun abdii isa karaa Wangeelaa dhageessan irraa socho`uu dhiisuun isin irra jira, Wangeelichi waaqa jalaa uumama hundumaatti lallabamee jira ani Phaauloosis hojjetaa isaa ta`eera” (Qolosaayis 1:23). Kanaafuu gooftaan akeeka wangeelaa waggoota soddoma gidduutti biyya lafaa guutuun ga`uuf raawwateera.

Amma nuun hoo harra`a maal akka goonu barbaada? Nutis akkuma godhame

kana akka goonu barbaada. Nutis itti gaafatama kana fudhannee wangeela biyya lafaa guutuudhaaf lallabuu qabna., saba hundumaaf, uumama hundaaf, nutis miiraan akka arginutti saba baayy`eetu jiru,, yeroo bara keenya bara qaroominaa kana ilaallu, haalli geejibaa, haalli walqunnamtii namootaa wajjin wal arguuf carraan jiru bareedaa waan ta`eef baayy`ee salphaadha. Gooftaan itti gaafatama nurras waan kaa`eef kana godhuu qabna. Ammas inni waan hin dandaa`amne nu hin gaafatu.

Biyya lafaa wangeelli in barbaachisaaf. Wangeelli abdii biyya lafaati.biyya lafaa jijjiiruu kan danda`u wangeela duwwaadha, kan gargaaruu danda`us wangeela, kan fayyisus wangeela.nuti warri wangeela kana of harkaa qabnu, biyya lafaatiif akka lallabamuuf ilaaluu qabna.

### **GAAFFILEE**

1. Maatewos 28:19, 20 fi Maarqoos 16:15,16, dubbisii irrattis mari`adhu.
2. Abboommiin gooftaa eenyu akka deemuu dha?
3. Eessatti kan gooftaan dhaqaa jedhe?
4. Gooftaan waan hin dandaa`amne in gaafataa?
5. Maali kan inni dhaqaa lallabaa jedhe?
6. Ergamoonni warra akkamii cuuphu?
7. Maqaa eenyuutti cuuphu?
8. Warra cuuphaman ergamoonni maal barsiisu?
9. Maaliif Maatewos 28:19,20 fi Maarqoos 16:15-16, abboommii guddaa jedhaman?
10. Hojii Ergamootaa 1:8, barreessi.
11. Gii`ografi gooftaan sadarkaadhaan kaa`e biyya lafaa jedhe ibsi.
12. Wangeelli lallabamuu eessatti jalqabe?
13. Hojii Ergamootaa 2 irratti waan ta`e irratti mari`adhu.
14. Akkamitti jalqaba irraa jalqabee wangeelli biyya lafaa walga`e?
15. Wangeelli biyya Yihudaa akka ga`uuf maaltu uumame?
16. Wangeela Samaariyaatti eenyutu geese?
17. Wangeelli biyya lafaa walga`eeraa?
18. Maali hojiin keenya harra`aa?
19. Godhuu in dandeenyaa?
20. Nuti waan mijataa amma of harkaa qabnu amma tokko caqasi.
21. Biyyi lafaa wangeelli in barbaachaafi? Maaliifi ?

## **BARUMSA KUDHA LAMA WANGEELA BIRAA LALLABUU**

Kakuu haaraan wangeela Yesuus Kristoos tokkicha akka lallaban barbaachisaa ta`uu isaa yeroo ol gadi nittii kan gargar ba`e yoo isinitti hime abaaramaa haa ta`u” jedha (Galaatiyaa 1:6-9). lallabne malee, Yesuus is kan biraa yoo isinitti lallabe yookiis isa Kanaan dura fudhattan malee, hafuura kan biraa yoo fudhattan yookiis isa Kanaan dura simmattan malee, wangeela kan biraa yoo simattan calluma jettanii in dandeessu jechuudha” (2 Qorontoos 11:4)., itti fufees akkas jedha, “Jarreen akkasii kun ergamoota sobaa ti, ergamoota nama gowwoomsan, ergamoota warra Kristoos waame fakkaachuudhaaf warra wallaalchifatanii dha. Seexaanni iyyuu ergamaa ifaa fakkaachuudhaaf waan wallaalchifatuuf, kun waan dinqisiisaa miti. Kanaaf hojjetoonni isaas hojjetoota qajeelinaa fakkachuudhaaf yoo wallaalchifatan, kun waan guddaa miti, gara dhumaattis waan hojii isaaniitiif ta`u argachuuf jiru” (2 Qorontoos 11:13-15).

Paauloos Galaatiyaadhhaf akkas jedhee Barreesse, “Isa karaa ayyaana Kristoos isin Waame irraa garagaltanii, akkas ariiffattanii gara wangeela kan biraatti goruu keessaniif nan dinqisiifadha. Wangeelli biraa illee hinjiru, garuu namoonni isin wallaalchisanii, wangeela Kristoos garagalchuudhaaf barbaadan tokko jiru. Haa ta`u iyyuu malee, ani yookiis ergamaan Waaqa irraa tokko, wangeela isa nuyi Kanaan dura isinitti himnettii kan gargar ba`e yoo isinitti hime abaaramaa haa ta`u. akkuma ani Kanaan dura dubbadhe, ammas immoo keessa deebi`ee nan dubbadha, eenyu illee wangeela isa isin fudhattanittii kan gargara ba`e yoo isinitti hime, abaaramaa haa ta`u” (Galaatiyaa 1:6-9), Mee maali wanti Phaauloos jechaa jiru? Mee haa ilaallu.

1. Warri Galaatiyaa Wangeela qulqulluu Yesuus Kristoos fudhataniiru.

2. Phaauloos utuu hin turin gara wangeela biraatti galgaluu isaanii ajaa`ibsiifate. Ta`us kan isaan duraan fudhatan wangeela qulqulluudha malee kan biraa miti jedhee ibsaaf.

3. Isaanuma keessaa tokko tokko Wangeela Kristoos kan jalli`san ykn kan gatii dhabsiisantu turan.

4. Phaauloos mataa isaa dabalatee akka jedhutti nus ta`e, kan biraa, ergamoonni waqa irraa illee yoo ta`an, yoo wangeela Kanaan dura fudhattanii irraa adda ta`e isinitti himan kan abaaraman haa ta`an jedha.kana jechuun wangeelli qulqulluun inni dhugaan Kanaan dura lallabameefii jira, inni kan biraa kun immoo faallaa isa duraa waan ta`eefqulqulluu miti.kana ilaalchisee eenyu illee yoo ta`e ergamoonni waaqaa irraa illee waan haaraa lallabuu fi eebbi gooftaa of irra boqochiisuu kan hin dandeenye garuu bu`aa hojii isaatii argachuu qaba.

5. Phaauloos akeekkachiisa kenname irratti xiyyeeffannaa kennuuf of irra ded-

deebi`a.

Amma waan armaa olii irraa karoora gooftaa wangeela biraatiif qabu keessatti bakka hun qabne fakkaata, wangeela baayy`ee ta`uu isaa utuu hin jedhin. Kana malees, akkasuma lallaba sana keessatti hirmaachuun wangeela sagalee waaqayyoo keessatti dubbifnu faallaa ta`ee hirmaannaan baayy`ee balaa kan qabu ta`ee mul`ata, sababiin isaas abaarsi Waaqayyo warra kana godhan irratti waan labasameefi. Maa-liifi? Sababni isaa gooftaan eenyuuf iyyuu aboo wangeela biraa lallabuu hin kennine. Waan biraa lallabuu jechuun Wangeela Kristoos gatu dha.

Warri armaan olitti barreeffaman akkuma jiranitti ta`ee amma bara kana wangeelonni baayyeen akka lallabamaa jiran hundi keenya iyyuu in beekna. Kunis karoo fayyinaa baayy`ee, walii walii isaanii kan faallessan barsiisota addaa addaatu lallabamaa jiru. Egaa Wangeelli qulqulluun isa kami? akka wangeelli qulqulluun jiru ho meeqqan keenyatu beeka? Mee qabxiilee kanaa gadii sirriitti caqasaa.

1. Wangeela sana hubachuuf gara macaafa qulqulluutti deebina. Macaafni Waaqayyoo madda oduu gaarii Kristoos, madda dhugaa hundumaa ta`uu isaa beeku dha. dhugaa wangeelaas jechoota kana dubbifachuudhaan arganna. ( 1 Qorontoos 15:1-4), fi abboommii wangeelaa immoo (Maarqoos 16:15, 16, Hojii Ergamootaa 2:38). waaqayyo akka dubbii isaa keessaan sitti dubbatu yoo hayyamteef shakkiin, adda baafachuu dadhabuunii fi gaaffiin ke hundi deebisaa argachuu danda`u.

2. Barsiisota akeeka wangeela fayyinaatiin faallaa ta`an, kan faallaa caaffata qulqullaa`oon faallaa ta`an hunda gatu dha. aboo fi mirgi kam iyyuu ilma namaatiif yaada isaa akka barsiisuuf hin kennamneef, kan namaa fudhachuunis nuuf hin ta`u.

3. Wangeelonni dhaabbolii amantaatiin lallabaman kun hundi wangeela qulqulluu Macaafni qulqulluun nutti himau miti. Wangeela Kristoosiif abboomamuun gara dhaaba Amantaatti yookaan immoo gara amantaa namni dhaabee fi, warra maqaa namaa uffataniitti nu hin geessu. Kana sammuu qabadhu. Garuu Wangeela Kristoosiif Abboomamuun kan nama geessu gara fayyinaatti, gara Kristiyaanumaatti, gara Waldaa Kristoositti qofa nu geessa. (Hojii Ergamootaa 2:38, 47, Hojii Ergamootaa 11:26), dubbifadhu.

4. Cuuphaan ala fayyuun in dandaa`ama “Amantii duwwaadhaan” warra jedhanii barsiisan irraa of eeggadhaa. Isaan kun Macaafa qulqulluu irraa kan dubbifneen alatti wangeela biraa warra lalabanii fi warra barsiisanii dha. Akeekkachiisni kun kan kennameef Amanuu duwwaa utuu hin ta`in cuuphamuunis barbaachisaa ta`uu isaa akka beekkamuufi. (Maarqoos 16:16).

5. Baayy`een isaanii karaa ballaa gara badiisaatti nama geessu akka jiran yaa dadhu. (Maatewos 7:13-14) yeroo tokko tokko wangeela biraa warri lallaban waan akkanaatti waan amananiif warra isaaniiin miidhaman in booji`u. yoo waan fedhe

ta'e illee jara kana dogoggoroota ta'uu isaanii yaadadhu.

6. Bara kana kan lallabamaa jiran wangeelonni haaraa fi wangelonni qaroominaa addaan ba'insa agarsiisu. Addaan qoodamuu jajjabeessu. Gargar ba'insa ifatti lallabu. Karaa biraatiin immoo wangeelli Yesuus Kristoos tokkummaa, gamtaa fi nagaa jajjabeessa. 1 Qoroontoo 1 fi 1 Qoroontoos 12 dubbisi.sana malees Gooftaan Ergamoonni isaa tokko akka ta'an kadhateeraaf, isaan duwwaa utuu hin taane warri barsiisa ergamoota isaa fudhatanii itti amanaman hundi tokko akka ta'an kadhateeraaf.

7. Dhuma irratti wangeelonni biraa kun akka hin fayyifne yaadadhu. Garuu warra lallabus warra lallaba kana amananii fudhatanis badiisaaf godha. Humni fayyinaa kan jiru wangeela Kristoos isa Qulqulluu sana duwwaadha. (Roomaa 1:16,17).

Addaan qoodamuun kan uumamu lallabaa fi barsiisa dogoggoraa irraan kan ka'ee dha. Phaauloos kana akkasitti akeekachiisa, “Obboloota koo ! Warra barsiisa isin fudhattaniin mormuudhaan yaada namootaa gargar baasanii, amantii irraa kuffisaniittii akka of eeggattan isinan gorsa; isaan irraa fagaadhaa. Warri wanta akkasii hojjetan kun garaa isaaniitiif yaadanii hojjetu malee, Kristoos gooftaa keenyaaf hin hojjetan, isaanis dubbii gurra namaatti tolee gaarii fakkaatuun garaa namoota garraamotaa in gowwoomsu” (Roomaa 16:17,18). Waan kana ta'eef lallabdoota warra akkanaa kana irraa fagaachuu fi of irraas fageessuu qabna. Yohaannis akkas jedha.”Namni Barsiisa Kristoositti qabamuu dhiisee, kana irra darbee barsiisu, Waaqayyoon of biraa hin qabu, inni barsiisichatti qabamee jiraatu immoo, abbaa, ilmas of biraa qaba. namni barsiisa kana hin fudhanne isin barsiisuuf yoo dhufe garuu, mana keessanitti isa hin simatinaa ! Nagaa iyyuu isa hin gaafatinaa! Namni nagaa isa gaafatu, hojii isaa isa hamaatti hirmaachuu isaa ti” (2 Yohaannis 9-11). Akkasuma Kristoosis akeekkachiiseera, “Ani kana kanan caafe, nama dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame dhaga`u, of eeggachiisuudhaa fi dhugaa itti ba`uuf nan jedha. Namni dubbii kanatti yoo dabale, Waaqayyo adaba isaa irratti dha`icha waa`een isaanii macaafa kana keessatti caafaman isatti dabaluuf jira. Namni dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame irraa yoo waa hir`ise immoo, Waaqayyo muka jireenya kennuu fi mandarattii qulqulluu waa`een isaanii macaafa kana keessatti caafaman keessaa qooda isaa hir`isuuf jira” (Mullata Yohaannis 22:18,19).

Amma wangeela biraa warra gidduu dhaa baayy`een isaanii waan barsiisan sanaaf amanamoo dha. Isaan sun salphaatti gowwoonfamaniiru. Garuu wanti barsiisan kun dhugaa jiru balleessuu hin danda`u kanaaf ammas Waaqayyoof deebisaa kennuu qabu, kaan immoo waan barsiisan sana irratti amanamoo miti isaan kun waanuma qacaramaniif, 1 foon isaaniitiif jedhaniiti. Ittiin buluuf jedhaniiti. Amma miindaan Kaffalameefitti waan fedhe yoo lallabe dhimma isaa miti. Kanaaf jaroota kana hundaan iyyuu hin gowwoonfamniaa.

Garee dhaaba amantaa harra`aa waa`ee tokkummaa guddisanii odeessu. Haa jedhan malee garuu baayy`isanii addaan qooduutti jiru. Mee utuu dhuguma tokkummaa barbaadanii hundumti isaanii gara Macaafa Qulqulluutti deebi`anii Wangeela tokkicha lallabu turan tokkummaan kan dhufu akkasitti. Kun immoo salphaa dha.

### **GAAFFIILEE**

1. Wangeelli qulqulluun tokkoo ol jiraa?
2. 2 Qoroontos 11:4, 2 Qoroontoos 11:13-15, fi Galaatiyaa 1:6-9, dubbisi.
3. Warra Galaatiyaatiif eenyutu lallabe?
4. Isaan wangeela akkamiitti deebi`ani ?
5. Warra wangeela biraa lallabu kana irratti maaltu ta`a?
6. Harra`as wangeelli biraan lallabamaa jiraa?
7. Wangeelli qulqulluun kan Kristoos wangeela kami?
8. Macaafa kamitti deebinee baruu qabna waa`ee wangeela dhugaa beekuudhaaf?
9. Barsiifni kam iyyuu yoo Caaffata qulqulluun faalla ta`e dhugaa iddoo bu`uu in dandaa`a?
10. Aboon namootaaf yaada isaanii akka barsiisan kennameeraafi?
11. Warri dhaabbota amantaatiif Wangeela dhugaa lansuun in dandaa`amaa?
12. Abboomamuun wangeela Kristoosiif gara dhaaba Amantaatti nama geessaa?
13. Wangeela qulqulluuf abboomamuun bu`aan isaa maali?
14. Eenyutu Amantii qofa lallaba?
15. Baayy`een karaa akkamii irra jiru?
16. Wangeelli qaroomina bara kanaa maal iddoo bu`a?
17. Wangeelli Kristoos maal beeksisa?
18. Wangeelonni biroon in fayyisuu?
19. Addaan qoodummaan akkamitti Uumamuu danda`a?
20. Roomaa 16:17,18, 2 Yohaannis 9-11, fi Mullata Yohaannis 22:18-19, dubbisi.
21. Warri wangeela biraa lallaban kun waan barsiisan sanaaf amanamoo dhaa?
22. Warri qacaramanii lallaban hoo?
23. Tokkummaan Macaafa qulqulluu akkamitti dhufuu danda`a?

## **BARUMSA KUDHA SADII WANGEELA GUFACHIISUU**

Warri wangeela lallaban wangeelaan jiraachuus ykn deggarsa qabaachuu ittat-ti mari`achuuf. Phaauloos itti fufee akkas jedha.”... Nuyi garuu waan nuuf in ta`ature Kanaan hin hojjenne, Wangeela Kristoositti danqaraa akka hin taaneef, waan hundumaa of irra keenye” (1 Qoroontoos 9:12). Wangeela gufachiisuu baatus innis ta`e namni kamiyyuu akkas gochuun akka dandaa`amu akka beeku beekamaadha. Harra`s akkuma kana ta`a.

Uumamumaan warri dogoggora lallabanii fi geggeessan wangeela Kristoosiin gufachiisuuf dogoggora baayy`ee hojjetu. Yoo kun dhugaa ta`uu baate, waan fagoo hin taane tokko yaadadhaa. Karaa biraa tarii xiqqaatus baayya`atus miidhamni kun kan dhufu ykn kan uumamu warruma miseensa Waldaatiini. Mee akkamitti wangeela Kristoos akka itti gufachiifnu haa ilaallu.

1. Wangeela Kristoos yoo lallabuu ykn barsiisuu baannegufuu taana. Wangeelli hundumaafi. Kan hundumaaf qoodamuu qabuudha.nuyis kan itti galluu dha. Gooftaan nama hunduma bira akka ga`u abboomeera. (Maarqoos 16:15,16) kanas kan itti gochuu dandeenyu karaa lamatu jiru. Afaaniin ykn jireenya keenyaan barsiisuu dandeenya. Hundumtuu lamaan keessaa tokkoon hojjechuu qabu. Garuu baayy`een tokkoo isaa iyyuu hin godhan. Wangeela Namootaan ga`uu yoo baanne guddina isaa qabneerra jechuudha. Kun immoo cubbuu dha.

2. Wangeela Kan gufachiifnu yoo walga`ii waaqeffannaa irratti hin argamnu ta`eedha. Kun akkamitti? Baayy`ee salphaadha. Iddoo waaqeffannaa hin deemnu yoo ta`e waaqayyoon waaqeffachuu dhiisuun kufuu utuu hin ta`in gooftaadhaaf kan nu godhu nyaata hafuuraas fudhachuu dadhabneerra jechuudha.kana irraa kan hafe warra kaaniif fakkeenya gaarii ta`uu, afaaniin wangeela lallabuu warra barbaachisuu wajjin carraa walqunnamuu dhabneerra jechuudhas. Kana irratti Barreessaan macaafa Ibrootaa akkas jechuun gorsa, “Inni abdii nuuf kenne Amanamaa dha. Kanaafis kottaa abdii keenya beeksisuutti jabaannee in qabamnaa. Jaalala argisiisuudhaaf, waan gaarii hojjechuudhaafis kottaa tottuqnee yaada walii in kaafna. Akka jara tokkootti amala ta`e nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu, guyyaan gooftaa dhi`aachaa akka adeemu in argitu kanaaf ittuma caalchifnee wal haa jajjabeessinu. Nuyi dhugaa hubanne erga beeknee booddee, jaallannee beekaa cubbuu yoo hojjenne aarsaan sababii cubbuutiif dhi`aatu siachi hin jiru. Firdiinii fi ibiddi hinaaffaa inni warra waaqayyoon morman gubu garuu sodaadhaan eeggatamaa jiru” (Ibroota 10:23-27).

3. Wangeela kan gufachhifnu yoo akka Kristiyanaatti guddachuu baannee fi guddachuu dadhabneedha. Hafuuraan dadhaboota yeroo taanuu fi dandeettii namoota barsiisuu yeroo dhabnu nama nu barsiisu barbaanna waan ta`eef. Kana ilaalchisee

Barreessaan macaafa Ibrootaa “Isin yeroo kana Barsiisota ta`uuf kan maltan turtan, amma garuu dubbii Waaqayyoo isa gara jalqabaa iyyuu nama hiikee isin barsiisu in barbaachise qooda nyaata jabaa nyaachuus warra aannan dhuguun barbaachisu taataniittu. Namni aannaniin jiraatu immoo, mucaa waan ta`eef akka itti waaqayyo duratti qajeelummaatti jiraatan isa barsiisu hin hubatu. Nyaanni jabaan garuu kan warra gaa`ani ti warri kun sammuu isaani hojiidhaan itti bare hamaa fi gaarii gar-gar baasuu in danda`u” jedha (Ibroota 5:12-14).

4. Akka nurraa barbaadamutti jiraachuu yoo dadhabne dhimma gooftaa in gufachiifna. Karaa akkasiitiin maqaa gooftaa irratti salphinaa fi ceephoo fidna. biyyi lafaa quba tuffii nutti qabanii Kristiyaanummaa bikka bu`a yoo ta`e kan isaa natti haa hafu jedhu. warra gaarii fi naamusa qabanis in gufachiifna. fakkeenya gadhee taana. kun hundinuu nama dhukkubsa. Gooftaan Kristiyaana kan jedhu akka uffannu duw-waa utuu hin ta`in Kristiyaana dhugaa akka taanu barbaada. hunduma iyyuu maqaa isaatii fi ulfina isaatiif akka goonu barbaada. Phaauloos akkas jedha, “Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjettan hundinuu maqaa gooftaa Yesuusiin haa ta`uisumaanis waaqayyo abbaadhaaf galata dhiessaa” (Qolosaayis 3:17). Pheexroosis yeroo gorsu, “Maqaa Kristoosiif jettanii yommuu arrabsamtan isin warra gam-madanii dha hafuurri ulfinaa inni kan Waaqayyoo isin irra in boqota. Garuu isin keessaa tokko iyyuu nama gumaa yookiis hattuu, nama hamaa hojjete yookiis nama namatti darbe ta`ee hin dhphatin! Kristiyaana ta`uu isaatiif yoo dhphate garuu hin Yeella`in Maqaa Kristoosiin waamamee isa hojjete sanaan Waaqayyoof ulfina haa kennu. Yeroon firidiin kennamu ga`eera, firidiin kunis warra mana Waaqayyo kees-satti in jalqabama, erga dura nutti in jalqaba ta`ee dhumni warra Wangeela Waaqa-yyoo amanuu didanii maal haa ta`u ree? Caaffanni qulqullaa`oon “Namni qajeelaan fayyuun rakkinaan erga ta`e, namni Waaqayyo malee jiraatuu fi namni cubbamaan attam ta`uuf jiru ree? “ jedha. Kanaafis warri akka jaalala Waaqayyootti dhiphatan iyyuu, gaarii hojjechuudhaan lubbuu isaani uumaa isaani isa amanamaatti hadaraa haa kennatan” (1 Pheexroos 4:14-19)

5. Dirqamaa fi itti gaafatamummaa keenya tuffachuu qofaan hojii Gooftaa gufa-chiisuu dandaeenya. Miseensonni waldaa hamaa ykn safuu hin qabneedha. Kaayyoo fi itti yaaduudhaan waan hamaa yookan dogoggora ta`e tokko illee hin hojjetan. Kaan immoo wantoota gochuu qaban baayy`ee hojjechuu tuffachuu qofaan akka deeman dubbatu turan. Garuu tuffachuu, gocha godhuu dhabuu, fi kkf balaa ta`uu danda`u kuni jireenya guyyaa guyyaa wajjin dhugaa ta`uu in beekna. Haala hafuuraa keessatti dhugaadha. Yaaqoob akkas jedha. “Warra dubbicha hojii irra oolchan ta`aa malee, warra dhaga`uu duwwaadhaan of gowwoomsan hin ta`inaa” jedha. (Yaaqoob 1:22)., Itti dabalee Yaaqoob waa`ee Amantii duwwaa ilaalchisee Yaaqoob 2 guutu-

utti dubbifadhu. Ammas Yaaqoob 4:17. Dubbifadhu. Dhuma irratti kan dubbifannu, “Kanaafis nuyi karaa irraa akka hin gorreef, dubbii isa dhageenye kana caalchifnee yaadaan duukkaa bu`uun in barbaachisa. Dubbiin ergamoota Waaqayyootiin dubbatamee fudhatamaa ta`e, namni isa irra daddarbe yookiis namni isaaf dhaga`uu died hundinuus adaba isaaf ta`u in argate. Yoos immoo nuyi fayyina guddaa akkasii isa gooftaan ofii isaatii jalqabatti dubbate tuffannee attamitti isa jalaa baana ree? Warri isa dhaga`an immoo dubbii kana nuuf cimsaniiru.” (Ibroota 2:1-3).

6. Qabeenya keenya irraa waldaadhaaf kennuu dhiisuudhaan wangeela gufachiisuu dandeenya. Waldaan hojii hiyyeeyyii gargaaruu, wangeela lallabuu akka itti fuftudandeessisiisuudhaaf miseensi human ishee kennuu irratti hirkattee jirti, garuu hin kenninu haa jennu. Kana jechuun waldaan baachuu hin dandeessu jechuu miti, miseensonni kaan kennuu waan dandaa`aniif irratti haa ta`u malee, waldaan haala akkasii keessatti carraaqqiin ishee daangeffamaa ture. Kanaafiidha Macaafni Qulqulluun yeroo kennuudhaabaannu waaqayyoon saamaa jirra ykn isa daangessaa akka jirru kan dubbatu. Caalaatti akka hojjetu isa dandeessisuuf akkuma nuti waan caalu kenninu waan caalu hojjechuu dandaa`a. Phaauloos akkas jedha. “Egaa ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti sanbata guddaa, torbeedhuma tokkoon tokkoon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu” jedha (1 Qorontos 16:2). Amma dandeenyu kennuu yoo baanne namni tokko wangeela dhaga`uu akka hin dandeenye ykn namni rakkate tokko hin gargaaramne yaaduu qabna. Lubbuu mataa keenyaa dabalatee namoonni biroonis kana irratti nageenya fayyaatiifis akka barbaachisu hubachuun barbaachisaa dha.

Kanaaf iyyuu armaan olitti kan tuttuqaman hubachuu dandeessu. Nuyi dhaaba amantaa biyya lafaa keessumattuu jaar-miyaalee amantaa biyya lafaatiif wangeela lallabuu dadhabuu keenyaaf kufaatii keenya ceepha`aa badiin baayy`een miilla keenya jalatti kufee argama. Dhugumatti dhaabni amantaa wangeela dhugaa gufachiisuu danda`u garuu nuyi waan ta`uu qabnu yoo taanee argamne humni alaa kun yoom illee nu dhaabuu akka hin dandeenye beekuu qabna. Fedha gooftaa akka hin raawwachuu fi wangeela baballisuu dabalata. Kanaaf iyyuu kan nu dhowwu yoo jiraate, dadhabbii keenya, kufaatii keenya, cubbuu keenya fi wantoota tokko tokko kan biyya lafaa kan nuti laphee keenya keessa keenye yoo jiraate duwwaadha.

Amantii cimaa akka qabaannuuf, wangeelaaf ija jabina akka qabaannuuf, dhugaadhaaf akka dhaabbannuuf,, hinaaffaa mana Waaqayyoof akka qabaannuuf, jireenyi keenya guyyaa guyyaa akka fakkeenya ta`uuf, gara lubbuu badanii fi badaa jiraniis wangeela akka geessinuuf gooftaan nu haa gargaaru. nuyi wangeela kanaaf gufuu utuu hin ta`in warra wangeela kana biyya lafaan ga`uuf kan boodaa taane ta`uu keenya haa beeknu.

## **GAAFFILEE**

1. Namni tokko wangeelatti gufuu ta`uu in dandaa`a?
2. Eenyu faadha warri wangeela Kristoositti gufuu ta`an?
3. Warra gufachiisan keessaa miseensa waldaa Kristoos ta`uu in danda`uu?
4. Yoo wangeela namoota biraatiif hin lallabnu ta`e maaltu uumama?
5. Kara lama nuyi ittiin barsiifnu maalfaa dha?
6. Yoo waga`ii waaqeffannaa irratti argamuu baanne miidhaa maaliitu jira?
7. Ibroota 10:23-27 dubbisiiti irratti mari`adhu.
8. Yeroo hafuuraan dadhabnu maaltu barbaachisa?
9. Kristiyanonni akkamitti jiraachuu qabna?
10. Yeroo akka jiraachuu qabnutti jiraachuu irra kufnu maaltu ta`a?
11. Qolosaayis 3:17 barreessi.
12. 1 Pheexroos 4:14-19 dubbisiiti ibsi.
13. Kristiyaanonni itti gaafatamaa fi hojii qabuu?
14. Yaaqoob 2 maal barsiisa?
15. Fayyina keenya yoo irranfanne akkamitti jalaa baana?
16. Akka nurraa eeggamutti kennuu yoo baanne akkamitti wangeela gufachii-suu ta`a?
17. Waaqayyoon yoom saamna? Akkamitti isa daangessina?
18. 1 Qorontos 16:2, maal barsiisa?
19. Dhimma Kristoosiin nama hunda caalaa kan miidhuu eenyu?
20. Gooftaan namoota akkamii akka taanu barbaada?